# Nyaata Hafuuraa Waqtii Isaatti

Jeffersonville, Indiana USA
65-0718E

1 Amani malee, amani malee,

Wanti hunduu in danda'ama, amani…

Akkamitti, akka kanatti:

Amma nan amana, amma nan amana,

Wanti hunduu in danda'ama, amma nan amana;

Amma nan amana, amma nan amana,

Wanti hunduu in danda'ama, amma nan amana.

Amma akkuma dhaabannee jirrutti mataa keenya gadi qabanna.

Yaa Gooftaa, faarfannaan kun faarfannaa akkasumaan faarfatmu utuu hin ta'in, garaa keenya irraa buunee, "Amma nan amana!" jennee kan faarfanne haa ta'u. Guyyaa tokko bartoonni, Yesus erga waan dinqisiisaa baay'ee hojjetee booda, "Yaa Gooftaa, amma nuyi amanneerra" jedhan.

Yesus immoo, "Amma in amantuu?" isaaniin jedhe.

Isaan immoo, "Amma Ati waan hundumaa, gaaffii namni qabu iyyuu utuu inni si hin gaafatin akka beektu nuyi barreerra; kanaanis Waaqayyo biraa akka Ati dhufte in amanna" jedhan. Kanaaf, yaa Abbaa, Ati barsiisa kee malee barsiisa namaa akka hin barbaanne galgala kana hubanneerra. Kanaaf akkamitti akka kadhannu, akkamitti akka jiraannuu fi akkamitti akka amanuu qabnu akka nu barsiiftu si kadhanna. Karaa tajaajila galagala kanaatiin, isa kana hundumaa nuuf raawwadhu, yaa Gooftaa. Waan tokko yoo dhabne, isa dhabne sana nuuf kenni, yaa Gooftaa. Isas Maqaa Yesuinin si gaafannaa. Ameen.

2 Galgala kanas baay'een keessan akka dhaabachaa jirtan nan beeka. Akkasumas ala kanaa, gurmuu namoota ol galuu hin dandeenye jedhenii argeera, isaanis konkolaataa garaa garaa keessatti raadiyoo isaaniitiin nu dhaggeeffachaa jiru. Egaa galgala kana, Dilbata galgala waan ta'eef hamma danda'ameetti ariifachuuf in yaalla, gara xumuraattis dhukkubsattootaaf in kadhanna, toora kadhataa qabattanii isiniif kadhanna xumura irratti. Yeroo tajaajila galgala kanaa warra dhukkubsataniif dabarsinee laanna.

Amma kanan iratti isin ijaaruu barbaadu…isa Qulqulluu hundumaa irra caalu kan Waaqayyoo amantiidhaan, amantii bara kanaatiin. Amantii isa tokkicha! Barri kun bara ol butamuu, bara ol fudhatamuu waan ta'eef, bara kam irra iyyuu caalaamaatti amantii qabaachuu barbaachisa. Kanaaf galgala kana wanti nuyi isin irraa barbaannu waan argaa turtan hundumaa, lallaba Sagalichaa isa dha'aa turtan, milikkitaa fi dinqii utuu raawwatuu argaa turtan hundumaa akka amantanii dha. Waan kan hundumaa walitti qabdanii garaa keessanitti qabattanii Waaqayyo biraa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa akka ilaaltan barbaanna.

Akkuma Elsaa'i dur dubbate, "Waaqayyo Waaqayyo erga ta'ee, Isaaf hojjedhu." Yesusis Kritaanotaaf hadhuura waan hundumaa erga ta'ee, waan hundumaa dhiifnee isatti cimuutu nurra jiraata jedheen yaada. Yaadadhaa, Inni Hadhuura, Inni Urjii Kaabaati, Inni mudaa kan hin qabne dha, Inni dhugaa dha. Inni Urjii kaabaa erga ta'ee…Wanti gara Urjii Kaabaatti agarsiisu waan tokko qofa, innis kompaasii doonii ittiin deemaa jirtaniiti. Kompaasiin ani ittiin isin deemsisuuf yaalaa jiru immoo Sagalicha, Sagalichi immoo yeroo hundumaa gara Isaatti isin geessa.

3 Akka waan yeroo dhiphinaa fi yeroo qorumsaa isa guddaa, yeroo bitaacha'uu fi dhiphina biyyoonni keessa jiran keessaa waan deemaa jirruu ta'ee nutty dhaga'ama, wantoonni kun hunduu yummuu ta'aa jiranitti yeroo tokko tokko yaadaan liqimfameen akka… Iddoon ilaalu hunduu akka doonii galaana irraa natti ta'a. Utuun Bidiruu oofuu qabamee seeratti dhi'aachaa tureera. Akkamittiin isa kana gochuuf deemna? Doonii guddinni isaa harka dhibba caalaa doonii keenya caaluun namni koffiyyaa adii uffatu nutti in ba'a. Garuu nuyi hunduma isaanii in injifanna. "Nuyi karaa Isaa moo'icha guddaa arganna." Konkolaachisaan doonii, Angafti Konkaalichsaa doonii fiixee doonichaatti shiboo kaa'ee isa in harkisa, Inni fuulduratti harkisee in baasa. Nuyi hunduma isaanii

dursuudhaan isaan in moona.

4 Amma galgala kana, akka daftanii galtaniif jennee baay'ee ariifachuu qabna. Karaa dheeraa konkolaachiftanii dhufuu keessaniif, waan hundumaafis, akkamitti konkolaachifatnii akka dhuftanii fi aarsaa gootanaa dhuftan hundumaaf isin dinqisiifanna. Hubadhaa, inni kun iddoon irratti dubbadhu irra dhaabadhee walitti fufiinsaan akkan isinitti dubbadhuu fi waanan isin gargaara jedhee yaadu hundumaa akkan gochuu danda'u na taasisa. Garuu yummuun as jirutti, waanan yeroo kanaaf isin gargaara jedhee yaadu hundumaa, hamman danda'etti gadi fageenyaan tuquufan yaala. Sana booda isin fudhattanii… Yeroo tokkotti sagalicha sabaaf baay'iftanii yoo laattan, isaan isa yaadachuu hin danda'an. Waan tokko fudhattanii hamma namni sun waa'ee waan sanaa sirriitti hubatutti, isa qabattee turuun dirqama ta'a. Sana booda, erga wanti sun laphee isaanii keessatti jabaatee booda, isaan…sana booda waan kan biraa isa barsiisi. Akkuma deemsa keenyaa, dhaawata dhaawataan deemi.

Amma egaa, isin kadhaannaa fi jajjabina gaarii keessa turaatii, galgala kana fayyinni akka ta'u amanaa. Waa'ee yeroo amma keessa jiraachaa jirruu gaaffiin sammuu keessan keessa jira jedhee hin yaadu. Waaqayyo saba Isaa gudduu jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu irratti, gaaffiin sammuu keessan keessa jira jedhee hin yaadu. Hundumti keessan isa kana in amantu jedheen amana. Anis…Waa'ee isa kanaa shakkiin sammuu koo keessa hin jiru. Sabni koo, firoonni koo, firoonni Kristos, Ijoolleen Kristos isa kana akka amanan nan beeka.

5 Isin akka Ergaa Waaqayyo biraa akka qabdan beektanii ofii fudhachuudhaan, namni kan biraa akka Isa hubatu gochuu keessan yummuun argu, baay'ee na gammachiisa. Namoonni Isa kanaaf deebii in ta'u. Sana booda of duuba gala galtee, "Yaa Abbaa, galata kee" jetta. Oo, ijoolleen buddeena isaaniif ergame yummuu nyaatan arguun akkam nama gama gammachiisaa! Waggoota muraasa dura mul'ata mana Sagadaa kana keessatti argame in yaadattuu? Inni sirri dha, "Buddeen Jireenyaa." Obboleessa keenyaa Nevilee, tarii isa kana ati in yaadatta. Yeroo dinqisiisaa!

6 Amma gara Macaafatti haa deebinu, yoo dubbisa duukaa bu'uu barbaaddan, yookiin luqqisa qabachuu barbaaddan,… Sagalee Waaqayyoo dubbisanii utuu yaada irratti hin kenning tajaajila keessa seenuun sirrii miti jedheen amana, taajila fayyinaa, gosa kam iyyuu haa ta'uu, Sagalee Waaqayyootiin jalqabuun dirqama. Isa kana hundumti keenya in hubanna. Keessummaan gidduu keenya hin jiru jedheen yaada. Garuu hundumti keenya fayyinni maal akka ta'e in beekna. Fayyinni lubbuus tooruma wal fakkaataa irra jira. Wanti tokkichi yoo jiraate, inni kun Dhugaa ta'uu isaa akka amanan gochuu dha. Waaqayyos karaa Sagalee Isaa isa barsiisuudhaan warra amananiif Isa in mirkaneessa, Inni, "Warra amananiif wanti hunduu in danda'ama" jedheera waan ta'eef.

Isin, "Wanti Waaqayyoof dadhabamu hin jiru" in jettu. Isa kana in amantuu? Isiniifis wanti dadhabamu hin jiru. "Warra amananiif," (Waaqayyo nama Tokko) "wanti dadhabamu hin jiru." Hubattanii? kanaaf wanti isiniif dadhabamu hin jiru, kunis yoo amantan qofa.

7 Amma egaa yoo fedha Waaqayyoo ta'e, Moototа Isa Duraa boqonnaa 17 lakkoofsa tokkoo hanga torbaatti nan dubbisa.

Raajiin Eliyaas jedhamu tokko buyya Giil'aad keessaa iddoo Tishbee jedhamamtu in jiraata ture; inni Ahaab mootichaan, "Dhugaa Waaqayyo gooftaa Israa'el, isa ani hojjedhuufii, hamma ani guyyaa isaa himutii, waggoota dhufan kana keessa fixeensi lafa irratti hin argamu yookiis bokkaan hin roobu!" jedhe.

Yummus dubbiin Waaqayyoo gara Eliyaas dhufee,

"Iddoo kanaa ka'ii gara ba'a-biiftuutti achi deemiitii laga Keriit isa Yordaanos irraa gara ba'a-biiftuu jiru keessa dhokadhu!

Lagicha keessaa bishaan in dhugda; achitti nyaata akka siif fidaniif qurruu siif abboomeera" jedhe.

Hubdhaa,"Achitti nyaata akka siif fidaniif," bakka biraa miti. "Achi!"

Eliyaas akkuma Waaqayyo isa abboometti gara laga Keriit isa Yordaanos irraa gara ba'a-biiftuu jiru sanaa dhaqee achi in taa'e.

Qurruun immoo ganama ganamaa fi galgala galgala buddeenaa fi foon in fiduuf, bishaanis lagicha keessaa in dhuga ture.

Sababii bokkaan biyyaa badeef guyyaa muraasa booddee lagichi in goge;

8 Gooftaan eebba Isaa Sagalee dubbifannetti haa dabalu. Egaa, amma galgala kana, barreefama kana keessaa mata duree “Nyaata Hafuuraa Yeroo barbaadametti” jedhu fudheera. Har'a ganama, mata duree, “Hojii tajaajila Waaqayyoo, yookin …malee Isa tajaajiluuf yaali, yeroo, iddoo fi nama utuu hin filatin” jedhu irratti dubbachaa turre. Amma immoo: Nyaata Hafuuraa Waqtii Isaatti, jedhu waliin ilaalla.

9 Raajiin kana, Eliyaasiin nuyi waa'ee isaa waa xiqqoo beekna. Garuu inni garbicha Waaqayyoo ta'uu isaa fi garbicha Waaqayyoo kan yeroo sanaa ta'uu isaa in beekna.

Waaqayyo Hafuura Isaa isa Eliyaas irra jiru, kanaan dura yeroo sadii itti fayyadamee, kana boodaaf immoo yeroo lamaaf abdichiisee jira; yeroon shan ayyaana bakka bu'a. Inni Hafuuricha Eliyaas irratti fayyadame; Elsaa'I irratti immoo harka lama ta'ee dhufe; Yohaannis cuuphaa irra tureera; Misirroo Warra Saba Waaqayyoo hin ta'iinii qopheessuuf akka dhufuuf akka jirus ni eegama; dhumarrattis Musee wajjin dhufee Yihudoota gara manaatti akka isaan geessus abdachiifameera. Waaqayyo Hafuura Eliyaas yeroo shan kan itti fayyadamu yoo ta'u, yeroon sadii kanaan dura raawwateera.

Egaa raajii guddaan kun eessaa akka dhufe hin beeknu. Inni nama warra Tishbootaa ta'uu isaan in beekna. Garuu akkamitti akka dhufe…

10 Nuyi waa'ee raajotaa waa muraasa beekna. Isaan eessaa akka dhufan hin beeknu. Baay'ee xiqqoo… Anis, warra Waldaa keessaa ka'an hin beeku, yookin hidda dhaloota isaanii duuba deeb'ee hin beeku. Raajiin yeroo baay'ee 'taraa' namaa ta'ee nama hin sodaannee fi yeroo baay'ee nama hin barannee dha. Akksumas isaan ofii isaaniitii raawwatanii waan barreessan hin qaban. Isaayaasi fi Ermiyaas, isaan lamaan kun waa muraasa barreessaniiru, garuu Eliyaas namni guddaan kun waan tokko illee hin barreessine. Baay'een isaanii hin barreessine; tarii barreessuu hin danda'an ta'a. Garuu isaan namoota cimoo turan. Namni akka raajota durii Macaafa Qulqulluu keessa hin jiru. Isaan mootummoota, Mootii, sabaoota, waldaalee fi waan hundumaa qorrobbatanii Sagalee Waaqayyoo irra cimanii in dhaabatu, Waaqayyos immoo wantichi sirrii akka ta'e isaaniif in mirkaneessa. Isaan tokkoon tokkoon isaanii namoota ciccimoo turan.

Eliyaas kun immoo warra ciminaan hunda caalan keessaa isa caalu dha. Inni nama lafa onaati. Inni lafa onaa keessaa dhufe; inni lafa onaa keessa jiraate. Macaafni Qulqulluun akka jedhutti inni kan uffatee…rifeensa mataa ture, inni gogaa hoolaas kan marxifate ture, teepha gogaa gaalaa irraa hojjetameen immoo mudhii isaa hidhatee ture, baay'ee… areedi isaa guddaatee fuulasaa kan dhokse ture, mee yaadaa, inni nama cimaa yeroo isa ilaalan dhiira-jabaa ta'e ture.

11 Garuu nuyi…isaan hundumti isaanii guutummaatti fooniin hin duune. Hunduma isaaniitu du'e miti. Bara Walga'ii kaawunsilii Nisiinii (Nicene)… baay'een keessan warri Kaawunsilii Nisiinii Waldaa ishee jalqabaa dubbiftan, yeroo isaan Waldaa hundumaa cabsanii isa keessaa Jaarmiyaa hundeessuudhaan iddoo tokkotti dhufan, yeroo Kaawunsilii Nisiinii sana taa'anitti, namni cimaan akka Eliyaas, namni baala qofaa nyaatu lafa onaa keessaa dhufe; nama guddaa, nama cimaa ture. Garuu gurguddoonni bara sanaa, warro aangoo qaban, ajaja Konstaantaayin jala warra jiran sagalee isaanii cal jechisiisan. Sababiin isaa isaan kun, raajota waan ta'aaniif iji sanyii qamadii Waldaa Misirroo, akkuma ija qamadii isa Dhirsa Misirrootti lafa irratti facaafamuu akka qabu ni beeku turan. Achitti inni waggaa kuma tokkoof in taa'e.

Sababiin isaan har'a, “Waaqayyo cal'isaan, inni dhaabatee yeroo ijoolleen xixiqqoon ajjeefamtu ilaalu, inni yummuu leenconni dubartoota addaan cicciran ilaalu sun eessa jira, waaqa irra taa'ees waa'ee kanaa waan dubbate qabaa?” jedhanii barreessaniif, isa kanaafi. Isaan Sagalicha hin beekan. Iji sanyii qamadii sun lafa irratti faca'uu qaba. Waaqayyo Qajeelaan tokkichi akkamittiin yeroo Ilmi Isaa du'uu fi itti tufamu dhaabatee ilaaluu danda'e? Garuu wantichi akka Sagalichaatti waan ta'eef, ta'uutu irra jiraata. Bara kanatti illee taanaan ta'uu kan qabu karuma sanaani.

12 Namni kun, nama guddaa ture. Inni dhaloota cubbamaa fuul duraa qaba ture. Ahaab mootii ture, Abbaan isaa inni isa dura ture nama hamaa ture. Solomoon booda mootii hamaatu dhufaa darbaa ture. Namichi Ahaab jedhamu, namni waggaa digdamii lama Samaariyaa irratti mo'e kun hundumaa caalaa nama hamaa ture. Inni nama ammayyummaatti amanu isa dhugaa ture. Dhugaadhumatti inni amantiitti in amana. Inni gama ammayyummaatiinis waan baay'ee qaba ture. Inni raajota Ibrootaa dhibba afur, warra sirriitti baratanii fi leenji'an qaba ture. Waaqayyo nama isa hin amanne tokko

itti erge, innis immoo Eliyaas ture.

Garuu Eliyaas namni Tishbee kun nama lafa onaa ture. Inni nama dhaqni isaa lallaafaa hin turre; nama dhagna qorccoccaa'aa ture malee. Guyyaa tokkos erga Ahaab hamma Waaqayyo kana caalaa isa ilaaluu hin dandeenyeetti erga cubbuu hojjetee booda, Waaqayyo lafa onaa keessatti Eliyaasitti dubbate. Kunoo inni karaa Samaariyaa qabatee gadi dhufaa jira, akkuman yeroo waan kanaan wal qabsiisee dubbadhu; tarii areeda adii fuula isaa irra gadi rarra'uun, mataa moluu aduun irraa calaqqisuun, ija xixiqqoo jaarsa dulloomaatiin, ulee harkatti qabatee, fuula isaatiin seeqaa gara Mootii Israa'elitti ol ba'ee, "Hamma ani guyyaa isaa himutti fixeensi illee lafa kana irraati hin argamu" jedhe.

Yaa Waaqayyo nama akkasii nuuf kenni, hubadhaa, nama waan isaan hojjechaa jiran WAAN GOOFTAAN DUBBATEE wajjin beeku nuuf kenni.

13 Amma, kan nuyi hubachuu dandeenyu, utuu inni kana hin godhin dura, Waaqayyo isa waamuu isaati. Waaqayyo isatti dubbateera, kanaafuu inni waan tokko illee hin sodaanne. Inni Ergaa raawwachuu hin danda'u jedhee hin sodaanne; akka ergichi raawwatu inni in beeka! Akka Sagalee Gooftaatti akka inni raawwatuu fi inni raajii Waaqayyoo kana bara sanaaf ergame ta'uu isaa in beeka. Kanaafuu yoo mootiin morma isaa cute, yoo inni mana hidhaa isa galche, inni waan barbaade isa irratti raawwate, inni kun garaa garummaa isa irratti fidu hin qabu ture; inni ergama fuula mootii duratti, "ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE" jedhee dubbatu of harkaa qaba ture. Maal namichi qarcacca'aan akkasii! Garuu inni utuu isa kana hin godhin dura, caama guddaa kana yeroo isaa murteessee…

Waaqayyo cubbamaa utuu hin adabin hin dhiisu. Diqama adabbiin achi jira. Seerri adabbii hin qabne gaarummaa maalii qaba? "Ibsaa qaxxaamuranii oofuun dhorkaadha" jedhuun yoo seerri adabbii duubaan hin jirre, gaarummaan isaa maali? Seerri jiraachuu qaba. Kanaaf cubbuu hojjetamuuf adabbiin in jiraata. Waaqayyo yeroo seera baasutti seerichi yoo qorrobbatame, isa kanaaf adabbiin in jiraata.

Sabni kunis seera Isaa hundumaa cabsan. Oo, isaan Waldaa guddaa qabu turan, isaan mana Qulqullummaa qabu turan. Isaan nama barate heduu qabu turan. Isaan raajota baratan warra akka maashinii of irra gargalan guutummaa biyyichaa keessaa qabu turan. Isaan raajota hamma ga'utti qabu turan, luboota hamma ga'utti qabu turan, basiisota seeraa hamma ga'utti qabu turan, amantii hamma ga'utti qabu turan, garuu isaan Sagalee Waaqayyoo irraa fagoo turan. Kanaaf Waaqayyo nama bakkeedhaa Sadarkaa isaanii hundumaan alaa waamee, Ergaa ISA KANA WAAQAYYOTU DUBBATE jedhuu wajjin isaanitti erge.

14 Akkamitti akka Inni namoota Isaa eegu hubadhaa. Raajii kana ergaa wajjin gara sanatti erguusaatiin dura, Inni, "Eliyaas, gadi bu'iitii mootii Ahaabitti waantoota kana himi. Yummuu kana gootus, yeroo caamaa sanatti iddoo ati jiraattu siif qopheesseera waan ta'eef, dafiitii achii sokki. Eliyaas, ati yoo Sagalee koo lallabde, Waanan godhi siin jedhu yoo goote, Ani sin tiksa" isaan jedhe.

Amma egaa ergama guddaa isa kan Eliyaas kanaa fi bara Eliyaasiin bara nuyi amma keessa jiraachaa jirruu wajjin wal fakkeessinee ilaalla galgal kana. Yerichi sirriidha jedheen amana. Biyyoonni akkan yaadutti…Yoo ani…duubatti deebi'uuf yeroo arganna, garuu yeroo dheeraa toora kadhataa irratti fudhachuun barbaada.

15 Kanaaf yoo duuba deebinee ilaalle, akkataan Israa'el Filisxeemiin itti qabatte kan Amerikaa wajjin wal fakkaata. Nuyi as Amerikaa dhufnee qubattoota warra as turan, warra Indianii asii ariinee laficha qabanne. Israa'elis geggeessaa Iyaasuutiin, geggeessaa Waaqayyootiin akkuma kanatti jiraattota achii ari'uudhaan lafa Filisxeemiin qabatte.

Mootonni isaanii warri jalqabaa namoota dinqisiisoo turan; Daawiti fi Solomoon nama guddaa turan. Presidaantonni keenya warri jalqabaa nama guddaa turan; Waashiingten, Liinkenii fi kanneen hafan nama guddaa turan. Sana booda mootonni kun yookiin Presidaantonni kun yeroodhaa gara yerootti tortoraa dhufanii, dhuma irratti nama Ahaab jedhamu kanaan xumurri isaanii ga'e. Baay'ee wal fakkaatu, bara keenyaa wajjin wal fakkaata. Sabni sun waan ammayya'aa waan argateef Sagalee Waaqayyoo dhaga'uu hin barbaanne ture.

16 Egaa saba ammayya'aa akkasiitiif garbichi Waaqayyoo inni dhugaan, maal akka

isinaanitti fakkaatu isinuu yaaduu dandeessu. "Maaliif,inni maraatuu dha, inni mataan isaa darbeera. Wanti akkasii ta'uu hin danda'u" jedhu ta'a. Isaan namoota guddisanii anama amantiiti, nama amantiiti. Isaan nama gara-laafessa qabu turan, isaan saba gara-laafoo qabu turan. Isaan nama garmalee amantii qabu turan.

Kanaaf nama tiyooloojii beekamaa irra kan caalu akka isaan barbaachisu inni in hubate, ergaa baramaa isaan qaban irra kan caalu akka isaan barbaachisu inni in bare, lallaba isa kan isaanii caalu isa laphee isaanii isa akka dhagaa jabaatu cabsu akka barbaachisu in hubate. Inni yummuu ISA KANA WAAQAYYOTU DUBBATE ergaa jedhu fudhatee gadi bu'etti, adaba saba sana irratti fiduuf INNI WAAQAYYO DUBBATE akka isaan irratti raawwatu waan beekufi. Innis immoo ISA WAAQAYYO DUBBATE ture. Deebii isa kanaan mormu kenninaan, inni kun firdii fha. Bara keenya kana keessattis isa kana in argina. Bara kam keessattis isa kana in argina. Toora araaraa irra tarkiinfii tokko yoo darbite wanti si eeggatu firdii qofaa dha.

17 Amma immoo Eliyaasiin Waldaa bara kanaa wajiinan wal fakkeessa. Firdiin utuu hin dhufin dura inni Ergaa kana fudhate. Eliyaas, ittiin jiraachuudhaf nyaata foonii isaaf qopheesse, sababiin isaa akka Sagaleen Waaqayyootti waggaa sadii fi ji'a ja'aaf, yookiin hamma Eliyaas yeroo isaa dubbatutti bokkaan hin roobu waan ta'eefi. "Eliyaas, yeroo ati dubbattu kamitti illee, inni in ta'a." Kanaafuu inni gara mootiitti ol ba'ee, "Hamman yeroo isaa himutti fixeensi illee lafa kana irratti hin argamu" jedhe. Kun ba'aa guddaa dha, akkas mitii? Inni kun Ergaa guddaa dha!

Egaa amma isa kana gogiinsa hafuuraa bara kanaa wajjin wal fakkeessinee ilaalla. Amma, akka hafuuraatti yoo dubbanne, gogiinsi hafuuraa yeroo ammaa akka jiru hundumti keenya in beekna. Inni kunis immoo dhufaatii Kristos isa lammataa dura akka ta'u raajotaan dubbatameera, Innis, "Biyyicha irratti beelli in dhufa, innis immoo buddeena qofaa miti, Sagalee Waaqayyoo dhaga'uudhas malee" kan jedhu ture. Guyyaan sunis egaa amma, "Sagalee Waaqayyoo isa dhugaa dhaga'uu" isa jedhuuf. Egaa beelli uumamaa kun beela hafuuraa wajjin wal fakkata.

Cubbuu fi amanuu diduun, barsiisota ammayya'oo waldaatiin iddoo kanatti akka dhufan taasifaman, sababa kanaaf firdiin isaanitti dhufuuf jedha. Yeroo sanatti isaan Sagalee Waaqayyoo fi raajii Isaa irraa gala galanii hiikkaa Sagalee warra tiyooloojii duukaa bu'an.

18 As irratti hubadhaa, waaqayyo yeroo hundumaa qajeelinaaf jedhee waan tokko in kaasa. Sababiin isaa, Inni, Yeroo hundumaa dhoksaa Isaa isa akeeke namoota isaatti utuu hin mul'isin, hojjettoota isaatti utuu hin mul'isin hojii irra hin oolchu.

Amma egaa Eliyaas yeroo sanatti iddoo dhoksaa Waaqayyo akka inni dhaquuf isaaf qopheesse qaba ture. Utuu gara kadhannaatti hin galin dura wanti nuyi ilaaluuf deemnu isa kana dha. Eliyaas iddoo Waaqayyodhaan isaaf qophaa'e qaba ture. Egaa isa kana waldaan isaaf hin qopheessine, mootiin isaaf hin qopheessine, inni ofii isaatiif hin qopheessine, garuu Waaqayyo iddoo dhoksaa Eliyaasiif qopheesee achitti yeroo caama hamaa sana hundumaatti, guyyuma guyyaatti nyaata isaaf ergee isa in soore. Waa'een borii isa hin dinqu ture yookiin yoo wanti inni nyaatu harkaa dhumes isa hin dinqu ture. Waaqayyo, "Ani Qurroonni akka si sooraniif isaan abboomeera" isaan jedhe. Maal wanti ajaa'ibsiisaan akkasii, inni kun iddoo dhoksaa nuyi Kristos keessaa qabnuutti in fakkeeffama.

19 Kaawunsiliin waldaa addunyaa fi warri bara kana socho'aa jiran hunduu, "Barri dinqii itti hojjetan darbeera" in jedhu. Humni Waaqayyoo inni guddaan Waldaa keessaa fudhatamee baafameera. Isaan kana booda, "Sibiila kililchuu fi dibbee kosh kosh" irraan kan hafe nama waa barbaadan hin fakkaatan. Inni kun dhugaa akka ta'e in beekna. "Alaan nama Waaqayyoo in fakkaatu, humna isa nama akkasii keessa jiruun immoo in mormu."

Isa ganama kana waan Daawit kokolataa Sangaadhaan harkifamuun Sagalicha irraa fagaatee utuu deemuu ilaallee wajjin wal fakkaata. Yeroo sagalichi akka nyaataniif dhi'eeffamee isaaniif kennametti, isaan isa hin barbaanne; kanaafuu, isaan isa irraa maqan.

Wanti sabni sun bara Eliyaasitti godhanis isuma kana, isaan Sagalee Waaqayyoo irraa maqan. Waan Sagalicha qaban se'anii yaadaa turan, garuu isaan Isa hin qaban. Kanaaf bara sanitti hubadhaa…

20 Inni yeroo warra hin amanne adabuuf jedhetti, warra amananiif immoo karaa qopheesse. Yeroo hundumaatti Inni isa kana in godha. Inni bara biyya lafaa kana bishaaniin balleesuu barbaadetti, karaa Nohi ittiin miliquu danda'u isaaf qopheesse. Inni bara warri Gibxii akka nyaataman barbaadetti, sabni Isaa akka miliquuf galaana keessa karaa baaseef. Maal akkataan Waaqayyo karaa Isaa hojjetu kun! Yeroo karaan dhabamutti, Inni karicha. Inni karicha!

Amma akka hubachaa jirrutti…. nuyi gara guyoota jiran keessaa gara isa seenaan raawwatee beekuu hin dandeenyeetti deemaa jirra. Wanti nuyi sodaachuu qabnu Misaayilii boombii jamaa barbadeessu of irratti qabatee boba'aa achii as nutti furguggifamu miti. Wanti nuyi sodaachuu qabnu Waldaa dha. Barri of eeggachuun itti nuuf ta'u bara amma keessa jiraachaa jirru dha.

21 Amma yaadadhaa, Waaqayyo garuu Eliyaasiif karaa inni itti miliqu isaaf qopheesse. Ammas immoo, ijoolleen Isaa warri Isatti amanan, dheekkamsaa fi waantoota dhufuuf jiran jalaa karaa ittiin miliqan isaaniif qopheesseera.

Sababiin isaa, Waaqayyo saba sanatti faradee adaba isaanitti fiduun qajeelaa miti, Sodomii fi Gomoraan dhidhimanii, Qifiranaahom galaana keessatti dhidhimsee dhaloota sana, Sodomii fi Gomoraatti farade, yoos nuyis waanuma isaan godhan goonee isa keessaa haa baanu. Akkuma isaan akka firdiin jiru beekan, nuyis akka firdiin jiru haa beeknu. Amma wanti nuyi hubannu…

22 Wantoonni kun, wantoonni ammayya'oon yeroo sanaa yeroo dhufanitti, Waaqayyo bara sanatti nama tokko kaase, yookiin humna sanaan loluudhaaf nama tokko kaase, isaan garuu isa dhaga'uu hin dandeenye. Inni maraatuu dha jedhanii yaadan, "Inni sammuu hin qabu. Inni mankaraaressaa, gowwaa lafa onaati, maraataa daggalaati" isaan jedhan. Garuu, inni amma iyyuu Sagalee Gooftaa of harkaa qaba ture.

23 Isaan yeroo ammaa kana, "Sagalichi hiikkaan isaa waan Inni jedhu miti" jedhu. "Oo, gaariidha egaa, Macaafni Qulqulluun kitaaba seenaati" jedhu. Yaada isaan yeroo amma dhi'eessan isa, "Hewaan Aappilii hin nyaanne, isheen kan nyaatte…" jedhan argitaniittu jedheen yaada. Wanti isheen nyaatte maali? Akkan amanutti…Isaan yeroo ammaa, "Isheen Aprikootii (Apricot) nyaatte" jedhaa jiru. Bara sanatti, "Museen raawwatee karaa galaana diimaatiin isaan hin caasifne. Gurmuu dhallaaduu hedduutu qarqara dhuma galaanichaatiin ture, kanaaf inni karaa galaana dhallaaduun guutame kanaa ce'e" jedhu. Yoos akkamittin bishaanni ol ka'ee dhaabannaan, isaan lafa gogaa irra ce'an ree? Oo, maal gati-hin qabneen akkasii! Garuu isin hubadhaa, guyyaan dheekkamsa Waaqayyoo sabatti gadi fidu yeroo akkasiiti. Inni in godha,

Wanti akkas jedhamu hin jiru, akka isaan kun…Namoonni waldaa keessaa iyyuu dinqii waan jedhamutti hin amanan. "Dinqii tokko natti agarsiisi doolaara kuma tokkon siif keennaa. Dinqii tokko natti agarsiisi!" jedhu. Tole egaa, utuu dinqiin kumni kudhan isaan duratti ta'ee iyyuu, isaan arguu hin danda'an. Maaliif jennaan, isaan raawwatanii arguu hin danda'an.

Isin, "Kun waan hin danda'amnee dha" in jettu. Oo, lakki, inni akkas miti.

24 Eliyaas guyyaa tokko Dootaanitti yeroo gadi bu'etti loltoonni Sooriyaa isa qabuuf magaalatti marsanii turan, sababiin isaa iddoon humni biyyattii keessa buufe raajii sana ta'uu isaa waan beekaniifi. Maaliif jennaan, mootichi… Isaan keessa tokko mootii Sooriyaatiin, "Maaliif, atuu ni beekta Eliyaas raajicha nama tishbee, waan ati galma kee keessatti dhoksaatti dubbattu, isatu mootii Israa'elitti hima" jedhee itti hime.

Mootichi, "Dhaqii namicha sana naa fidi! Kan gufuu nutty ta'aa jiru namicha sana" isaan jedhe. Loltoonni sooriyaa hunduu Dootaanitti gadi bu'aanii in bu'an. Hundumti isaanii mandarattii in marsan.

Gehaaz hojjetaan raajichaa hirribaa dammaqee, "Oo, yaa Abbaa koo, loltoonni hunduu kunoo nu marsanii jiru. nuyi guutumaan guutuutti marfamneerra" jedhe.

Raajichi immoo, "Maal, warri nuu wajjin jiran kan warra sanaa in caalu'oo" isaan jedhe. Argitaa?

Gehaazis gara galee ilaalee, "Anoo nama tokko iyyuu argaa hin jiru" jedhe.

Inni immoo, "Yaa Waaqayyo Gooftaa, ija gurbaa kanaa bani" jedhe. Iji isaa banamnaan yummuu inni ol ilaalu, gaaronni hunduu Ergamoota Waaqayyoo kokolaataa fardaanii irra taa'aniin, Humnoota ija fooniin hin argamneen kan guutan ta'uu isaanii

arge.

25 Eliyaas gara jara sanaa deemee, “Jaamummaadhaan isaan dha'e” jedhe Macaafni Qulqulluun. Inni gara isaaniiti achi adeeme; isaan akka isa hin arginetti jaamaa ta'an. Gara isaaniitti achi deemee, “Eliyaasiin barbaadduu?” jedhee isaan gaafate.

Inni tokko immoo, “Eeyyee isa barbaadaa jirra” isaan jedhe.

Eliyaas, “Kottaa, iddoo inni jiru isinittan agarsiisaa” jedhee, kallattiidhaan iddoo lolaatti, iddoo loltoonni ba'anii isaan argachuu danda'anitti isaan geesse.

Egaa, “Inni jaamummaadhaan isaan dha'e” jedha Macaafni Qulqulluun. Isa kanatu gadi isaan teessisa. Sabni bara kanaas hafuuraan baay'ee jaamaniiru, Waaqayyo Gooftaan gadi bu'ee saba gidduutti waan fedhe yoo godhe iyyuu, Inni waantoota kanaan dura abdachiisee ture yoo raawwate iyyuu, isaan amma iyyuu Isa arguu hin dandeenye. Isaan hafuuraan jaamaniiru; Waaqayyoon hin beekan, humna Isaa isa guddaa hin beekan. Amma, wanti nuyi hubachuu qabnu, isaan isa kana bara Eliyaasitti gochaa akka turanii fi amma iyyuu bara har'aa kana keessas gochaa akka jiranii dha. Waaqayyo jaamummaadhaan isaan dha'a. Yeroo ammaa isaan, “Dinqii hojjechuun hin jiru, wanti akkasii hin jiru, wanti kun hunduu sochii miiraati” jedhu.

26 Isaan waa'ee Eliyaasis waanuma kana fakkaatu jechaa turan, sababiin isaa yuummuu inni ol butamnaan Elsaa'i dargaggeessichi bakka isaa bu'etti, yummuu inni ga'eessa mataa moluu ta'aa dhufetti ijoolleen tokko isa booddee fiiganii, “Jaarsa mataa moluu, maaliif Eliyaasii wajjin ol hin baane?” isaan jechaa turan. Hubadhaa, jalqabatti isaan Isa hin amanne, sabni sun erga wantoonni baay'een ta'anii booda illee Isa hin amanne. Namni guddaan Waaqayyoo kun konkolaataa ibiddaatiin gara Waaqaatti ol fudhatame, sabni garuu amma iyyuu Isa hin amanne. Ijoollee isaanii booddee namocha kanaa fiigsisanii, “jaarsa mataa moluu, maaliif ol hin baane?” isaan jechisiisu turan. Argitanii? Raajichi ijoollettii abaarraan bineensi dhaltuun afurtamii lamaan isaanii nyaattee ajjeefte.

27 Amma hubadhaa, har'as akkuma yeroo sanaa Sagalichaaf hiikkaa ofii isaanii kaa'u. Egaa, isaan kana gochuu yoo barbaadan, dhimma mataa isaaniiti, garuu akka nuyi isa amannu nu gochuuf yaalu. “Sagalee Waaqayyoo kun akka yaada namni ofii isaatii kennuutti hiikamuu akka hin qabne” Macaafni Qululluun in dubbata. Waaqayyo Sagalee Isaa ofii Isaatii hiika. Waaqayyo Sagalee isaa in raawwata, Inni kun immoo hiikkaa Sagalichaati. Akkuman yeroo baay'ee dubbadhe, Inni jalqabatti, “Ifni haa ta'u” jedhe, iftis in ta'e. Inni kun hiikuu hin barbaachisu; inni ta'ee raawwataeera. Inni, “Durbi in ulfoofti” jedhe, Isheenis in ulfoofte. Akkasumas, “Guyyoota bara dhumaa jala,” wantoota gochuun Isa irra jiru dubbateera, Isa jedhes godhaa jira! Inni hiikkaa kamiin iyyuu hin barbaachisu; Waaqayyo Hiikkaa Ofii Isaatii gochaa jira. Namni gowwaan waan barbaade yoo jedhes, inni xiqqoofillee Waaqayyoon dhaabuu hin danda'u.

28 Yesus yeroo biyya lafaa kanarra turetti, akkuma keenya bara har'aa kanaa hin-amannee baay'een Isaan mormaa turaniiru, tarii Warri Isaan morman kan keenya har'aa ni caalu. Garuu inni sun Isa dhaabuu hin dandeenye; Inni kallattiidhumaan dirqama hojii Isaa ba'aa ture, Waaqayyos waan Inni hojjetu hundumaa Isaaf mirkaneessaa ture. Inni, “Ofii kootiin miti. Anii fi Abbaan koo tokko; Inni Ana keessa jira. Hojii kana kan hojjetu Ana miti, Abbaa koo Isa Ana keessaa jirutu hojjeta malee. Hojii Abbaa kootii yoon hin hojjedhu ta'e, Ana hin amaninaa; garuu ani hojii Abbaa kootii hojjedhee yoo Na amanuudhaa baattan, hojicha amanaa” jedhe. Hubattanii? jecha biraatiin… “Caaffata qullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, caaffatoota in qortu; caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba'u” jedhe. Ameen! Maal dubbiin akkasii! “Ani eenyyuun akkan ta'e kan isinitti humu, Caaffatootuma isin qortan sana” jedhee Yesus isaanitti dubbate.

29 Bara nuyi amma keessa jiraachaa jirrus kan isinitti himu Caaffatoota Qulaa'oo dha. Wantootni utuu raawwatamanii isin argitan, Waaqayyo saba Isaa gudduu jiraachuu isaa kan mul'isu dha. Wantoota Inni hojjechaa jiru kana, Isa irraan kan hafe eenyu illee gochuu hin danda'u. Macaafni Qulqulluun, “Inni kaleessas, har'as bara baraanis Isuma sana” jedha waan ta'eef.

Amma yaada walii galtee ammayya'aa namoot si'anaa haa ilaallu, “Oo, Guyyoonni sun dur darban, wanti dinqii jedhamu hin jiru. namoonni hunduu sochii miiraatiin hojjechuuf ka'an” jedhu.

Gara Eliyaas raajichaa dhaggeeffadhaa, inni isaanii fi beektota tiyooloojii isaaniitiin mormee boo'e. Hubadhaa, hubadhaa, inni akka waan ofii isaatii Waaqayyoon ta'eetti dubbate. Eliyaas waan ofii isaatii Waaqayyo ta'eetti, "Amman yeroo isaa isinitti himutti, fixeensi lafa kana irratti hin argamu" isaaniin jedhe. Ameen! Eeyyee, obboo. Raajichi Fuula Waaqayyoo dura yeroo dheeraadhaaf ture!

Raajinni Kakuu Moofaa, yokkin kan yeroo fedhee, Fuula Waaqayyoo dura hamma ofii isaaniitii Sagalicha ta'aniitti yoo turan, Ergaan isaanii Sagalichuma Mataa Isaati. Yaadadhaa, inni, "ISA KANA WAAQAYYOTU DUBBATE" jedhe. Namoonni sun ergaawwan sana Waaqayyo harkaa yummuu fuudhan, isaan yaada ofii isaanii isatti marxisanii… Tarii inni yaada isaaniitiin kan mormu ta'uu danda'a ta'a, isaan tarii sirriitti hubachuu hin danda'an ta'a. Garuu isaan Sagalee Waaqayyoo, "ISA KANA GOOFTAAN DUBBATEERA" jedhanii dubbatu.

"Amman yeroo isaa himutti bokkaa kana jedhamu hin roobu." Oo, maal dibbiin akkasii! Inni Fuula Waaqayyoo dura waan tureef akkas guutuu ta'ee mul'ate. Yaadadhaa, inni kun akkasuma Amos 3:7 faana in deema, innis, "Waaqayyo Gooftaan murtoo Isaa isa dhokatee jiru hojjetoota isaa warra raajotaatti utuu hin mul'isin, tokko illee hojii irra hin oolchu" jedha. Inni, "Bokkaan tokko illee hin roobu!" jedhe. Inni jalqaba…

30 Isaan isatti kolfan, isaan inni maraatuu dha jedhanii yaadaan, "Isa mankaraaressaa sana!" jedhanii isatti qoosan. Inni garuu, bokkaan akka hin roobne ISA GOOFTAAN DUBBATE of harkaa qaba ture. Waaqayyos utuu isa kana hin godhin dura, hojjetaa Isaa Eliyaasitti mul'ise. Inni raajii dhugaan ba'ameef, raajii mirkaneeffamee, sabni akka qalbii jijjiirratuuf isaaniif ergame ture. Garuu, isaan qalbii jijjiirrachuu, isatti kolfanii, "Oo, Nuyi rooba baay'ee arganne! Taankeriin keenya bishaaniin guutuu dha. Lagni keenyas akka gaariitti yaa'aa jira" isaan jedhan.

Macaafni Qulqulluun, "Waggaa sadii fi ji'a ja'aaf cophi fixeensaa illee biyyichatti hin argamne" jedha. Lagnii fi bishaan iddoo hundumaatii in gogan. Inni kun egaa namicha sana hin turre, Waaqayyotu namicha sana keessaan dubbate malee. Inni "Ana" isa jedhe sana ture. Isa kana yeroo hundumaa in beekna. Kanaaf inni…

31 As irraaa wanti nuyi hubannu yoo jiraate, namni tokko Waaqayyoon biraa yummuu ergamu, dibata Waaqayyootiin ergaa ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE jedhu qabatee yummuu dhufutti, Ergaa Fi Ergamaan tokko ta'uu isaanii, wal fakkaachuu isaanii hubanna. Sababiin isaa inni ISA GOOFTAAN DUBBATE, bakka bu'ee, jecha jechaan waan dubbatuuf, innii fi ergaan isaa tokkuma.

Namni garee amantii deeggartoota damee amantii jala jiru, innii fi waldaan "Tokko." Nanmi tiyooloojii baratee warra tiyooloojii damee amntiitiin hundeeffamte jala jiru, ergaa isaa fi inni tokko; waldaan warra tiyooloojii, nama tiyooloojii ti. Inni kun siirrii dha.

Namni tokko yeroo ergaa ISA KANA GOOFTAATU DUBBATR jedhu fudhatee dhufus, Ergaan isaa fi inni tokko. Yeroo Eliyaas Ergaa ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE jedhu fudhatee dhufetti, innii fi Ergaan isaa tokko ta'an. Akkuma yeroo Yesus gara biyya lafaa dhufeeti, Inni Sagalicha ture. Wangeela Yohaannis boqonnaa 1. Sagaleen Waaqayyoo fi Ergamaan bara tokkoo yeroo hundumaa waan tokkicha dha. Inni kun sirrii dha.

32 Yesus Sagalee isa waa'ee isaatiif raajiin dubbatameedha. Inni isa raajinni in ta'a jedhanii raajii dubbataa turanii dha, "Durbi ulfooftee mucaa in baatti" isa isaan jedhanii dha. Dur jalqaba irratti Waaqayyo, "Sanyiin dubartittii mataa sanyii bofichaa in buruqsa, sanyiin bofichaa immoo koomee sanyii dubartittii in hidda" jedhee isaanitti dubbate. Raajiin hunduu waa'ee Isaatiif dubbatamaa ture. Boo'ichi Daawit, Raajonni baroota darbaa dhufanii hunduu, Waa'ee Isaa dubbachaa turan. Inni mul'ina Sagalee sanaa ture! Haaleluyaa!

33 Garamitti akkan deemaa jiru hubattanii? ganama har'aa akka gaariitii ifa godhee isinitti himeera. Aboo Waaqayyoo Isa jiraataa Waldaa ishee jiraattuu, Misirrottii keessatti hin argitanii? Dhukkubsatoonni fayyaniiru, du'aan ka'eera, naafti adeemeera, jaamaan ilaaleera, Wangeelli humna Isaatiin lallabamaa jira; kunis immoo Ergaa fi ergamaan tokko waan ta'aniifi. Sagalichi Waldaa keessa, nama kessa jira.

Yummuu Eliyaas ergaa ISA KANA WAAQAYYOTU DUBBATE jedhu fudhatee, "Bokkaan hin roobu" jedhee achitti ol ba'etti, Sagalee Waaqayyootu isaa wajjin ture. Inni

sun egaa Eliyaasiin hin turre; Waaqayyotu Eliyaas keessa ture malee.

34 Akkuma isan yeroo baay'ee isinitti hime sanaati, akkuma isan guyyaa tokko giiftii saayinsii Kritaanaa tokkotti dubbadhee tureeti. Waa'ee kanaa yeroo baay'ee dubbadheera. Isheen, "Obbo Branhaam, Ati koormaa baay'ee baay'ee Yesus irra tuulte" naan jette.

Ani immoo, "Itti gaafatamni koos isuma kana gochuu akka ta'e abdiin qaba" jedheen deebiseef.

Isheenis, "Ati Waaqayyoon (Divine) Isa gochuuf yaalta" naan jette.

Ani immoo, " Inni Waaqayyo (Divine) ture" jedheen deebiseef.

Isheen, "Oo, inni raajii ture, Inni nama gaarii ture, garuu Inni Waaqayyoon hin turre" naan jette.

Ani immoo, "Tole egaa, akka Inni akkas hin turre Caaffata Qulla'aa keessaa tokko natti agarsiisi" jedheen isheetti dubbadhe.

Isheenis, "Wangeela Yohaannis keessatti, yummuu gara awwaala Alaazaar deemetti, Inni, 'In boo'e' jedha" jettee natti himte.

Ani immoo, "Gaarii dha egaa, sirrii dha, Inni boo'eera. Inni namas Waaqayyos ture. Inni nama waan ta'eef boo'e; garuu du'aa kaasuuf immoo Waaqayyo ta'uu qaban" jedheen. Inni kun sirrii dha. "Inni nama waan tureef beela'e; garuu Inni Waaqayyo waan tureef nama kuma shan buddeena lamaa fi qurxummii shan nyaachise." Inni kun sirrii dha. "Inni nama waan tureef, bidiruu irra taa'ee rafe; garuu Waaqayyo isa Isa keessa turetu bishaanicha gab gochuu danda'e." Maaliif? Innii fi Ergaan Isaa tokko waan turaniif.

35 Inni, "Anii fi Abbaan koo tokko. Abbaan koo Ana keessa jira" jedhe. Guutummaan Waaqayyummaa namummaa Isaa keessa in jiraata.

Guyyaa sana baay'ee calaqqisaa nama hawwatutu ture, yeroon isaa yeroon Bara Waldaa Torbanii qopheessaa turee dha. Jalqabtti, Ani suuraa Yesus akka sanatti kaasee… hin danda'u, waan adii Isa irra jiru sanaa wajjin kaasuu hin danda'u. "Rifeensi mataa Isaa akka rifeensa hiddamaa in addaata" jedha. Rifeensi mataa nama waggaa soddomii sadii akkamitti akka cabbie addaachuu akka danda'u naaf naaf hin galu ture.

Nama tiyooloojii gaarii tokko, nama tiyooloojii warra Pheenxeqoosxee ta'e tokkon waame, inni hiriyaa kabajamaa fi jaallatamaa kooti. Gaariidha egaa, Innis obboleessa keenya Jaak Mooree ture. Inni nama gaarii fi nama qarooti. Inni, "Obboleessa koo Branhaam, wanti sun Yesus isa ulfeeffamee dha. Inni kun erga Ulfeeffamee booda waan Inni fakkaatu dha" naan jedhe. Lakki, ani isa kana amanuu hin dandeenye. Lakki.

Ani immoo, "Tole egaa, obboleessa koo Moore, galatoomin" jedheen.

36 Gara kutaa kootii galeen Waaqayyotti dudubbachuu jalqabe. Yaadaan Isa fudhee gara Daani'eelitti duuba deebi'een iddoo, "Inni gara Isa bara baay'ee jiraatee sanaa, gara Isa rifeensi mataa isaa akka jirbii hiddamaa addaatuu sanaa utuu dhufuu nan arge" jedhuu bira ga'e. "Yaa Gooftaa, waanan jedhee dubbadhu hin beeku, dirqamnis natti kennameera" jedheen kadhadhe. Amma yaadadhaa, inni kun kan ta'e utuu mallattowwan torban hin banamin dura, gara waaggaa tokkoo yookiin isaa oliitti ture. "Yaa Gooftaa, inni ani arge sun maali?" jedheen kadhachaa ture.

Yumuun ilaalu, na dura dhaabatee jira, inni na dura dhaabatee jirus nama yummuu ta'u, inni abbaa firdii wiiggii (wig) mataasaatti uffatee jiru ture. Abootiin firdii bara durii hundumaa irratti aboo qabaachuu isaanii agarsiisuuf wiiggii adii mataatti uffatu turan.

Sana booda, Yeroon utuu Yesus wiiggii adii (white wig) uffatee jiru argetti, wiiggiin sun dhugummaa nuyi beeknu tokko qofa kan mul'isudhan jedhe, innis immoo Inni isa Hundumaa irratti Aboo qabu ta'uu Isaati. Waaqayyo Gaara Bifa Ofii Jijjiiruu sana irratti waanuma kana dhugaa'ee, "Inni kun Ilma koo isa jaallatamaa dha, Isa dhaga'aa, Inni Hundumaa irratti Aboo qaba!" jedhe.

37 Yeroo sanatti achitti jalqaba mallattowwan Torbaniitti, yeroo Ergamoonni Waaqayyoo torban bifa piraamiidiitiin gadi dhufaniitti, iddoo sana dhaabatanii as deebi'anii dhufanii waa'ee Mallattowwan Torbanii akka natti himan natti dubbatanntti, Inni anaa wajjin ture. Inni isaan, wantootni badan sun maal akka ta'an natti agarsiise. Ani yeroo hundumaa macaafichi baalleen isaa karaa alaatiin kan mallatteeffamee fi

barreeffama kan of keessaa hin qabnedha jedheen yaadan ture, garuu yummuu Inni isa banutti waan kana akka hin taanen bare. Wanti Macaaficha keessatti barreeffame hin jiru… Inni waan Macaaficha keessatti dhokfamee ture wayii ture. "Eenyu illee jecha tokko yoo Isatti dabale yookiin Jecha tokko Isa irraa hir'ise…waan ta'eef." Kanaaf, inni wanta dhoksaa baroota waldaa torbanii keessa Macaaficha keessatti mul'achaa as ga'e dha. Tokkoon tokkoon isaanii dhoksaa raawwatan qabu, cuuphaa bishaanii fi wantootni yeroo dheeraadhaaf dubbachuuf afaanitti isaan ulfaatu hunduu dhoksaa dha.

Yeroo wanti sun ol deebi'ee jirutti meeshaaleen qorannoo hawaa Kaalifoorniyaa, Meeksikoo, Tuksanii fi iddoo hundumaa dhaaban hunduu suuraa Isaa kaasaa turan. Inni waan dhoksaa wayii ta'ee argame. Obboleessi keenya Fred Sotmaan, inni duuba sana taa'aa jiru, Anii fi obboleessi keenya Giinii Noormaan, yummuu inni ol sokke achi dhaabannee ilaalaa turre. Isaan suuraa Isaa kaasaniiru, garuu isaan amma iyyuu maal akka Inni ta'e hin beekan. Asumatti yeroo dhi'oo dura namni hunduu, "Kana ilaalaa. Inni kun kanaa fi koochoo Ergamaa Waaqayyoo fakkaata, akkamitti isaan akkas walitti gurmaa'an" jechaa turan.

38 Guyyaa tokko immoo, gara mirgaatti yummuu Inni garagalu, dhibbaa dhibbatti suuraa Yesus Kristos isa Hoofmaan harkaan kaase kan fakkatu ta'ee argame. Inni wiiggii adii mataa Isaa irratti uffatee dhaabatee asii gadi gara lafaa ilaaluu Isaatiin Hundumaa irratti Aboo qabaachuu Isaa agarsiisaa ture. Bantiin waaqaa isa kana in labsa, Macaafni Qulqulluun isa kana in labsa, Ergichi isa kana in labsa. Inni waan kana hundumaa keessatti tokkuma malee addaa addummaa hin qabu. Inni Aboo hudumaa irratti qabu wiiggii adii uffatee jira; areeda Isaa gurraacha gara gadii ilaalaa. Baay'een keessan suuraa sana argitaniittu. Duuba sanatti fannifamee jira waan ta'eef roga isaatiin gara mirgaatti ciibsaatii ilaalaa. Akkasitti yummuu ilaalamu dhibbaa dhibbatti waan phootoon isaa kaafame fakkaata. Isaan karaa roga dogoggoraatiin ilaalaa turan. Isin karaa roga sirriitiin ilaaluu qabdu. Roga isa sirrii kan namatti mul'isu immoo Waaqayyo Gooftaa duwwaa dha. Gara mirgaatti naannessaatii ilaalaa. Kuunnoo Inni dhibbaa dhibbatti akka waan ol gubbaa sanatti Phootoo kaafameetti mul'ataa jira.

Yeroo jalqabaatiif yummuun Isa argetti, Inni Mormaa ol…Hoofmaan harkaan kaase fakkaata. Ani kanaan dura raawwadhee suuraa Hoofmaan kaase argee hin beekun ture. Waaggootaan booda garuu Mana Sagadaa Guyyaa Dilbataa Biilii keessatti isa arguu danda'eera. Yeroo sanaa jalqabee Mana koo keessaa suuraa sana dhabee hin beeku.

Yeroo sanatti, samii kana irratti, Waaqayyo Isuman utuu Inni ala kantti mul'ataan natti dubbatuu arge sana, mucaan dhiiraa xiqqaan tokko iddoo amma manni barumsaa itti ijaaramee jiru kana dhaabatee, suuraa kana kan faatu, Isa arge. Kunoo waggaa soddomii sadii booda, Bantiin waaqaa inni sun dhugaa ta'uu isaa labse. Inn kun egaa waan Inni fakkaatu dha malee, yaada dhoksaa namni waan ta'e tokkoof qabu miti.

39 Akkuma kana Vaatikaan keessatti suuraa Kristos areeda adii boca qubeelaa qabu yookiin areeda boca qubeelaa boquu isaa irra naannessanii, waan hamma iinchii walakkaa dheeratu hidhii isaa isa gararraa irra gadi buusanii achi irratti kaasuudhaan, Waldaa jedhanii manicha waamu.

Gochi isaanii kun isa ogeessa fakkii warra Griikii tokko Kaatediraalii bara durii tokko keessatti waan Addaamii fi Hewaan fakkaatan natti agarsiise sammuu kootti fide; yeroon ilaalettis isaan bineensa yookiin waan ta'e tokko fakkaatu. Inni sun egaa akkataa namni yaada sammuu fooniitiin waan Hafuuraa tokko hubatu dha. Namni akka Addaam bareedaan lafa kana irra jiraate hin jiru jedheen yaada, Hewaanis dubartii karaa hundumaan guutuu turte.

Egaa warri sammuu fooniitiin yaadan Wantoota Hafuuraa yaada ofii isaanii yummuu aguuganitti, Waaqayyo immoo Humna Isaa ergee Wantoota sana irraa aguuggii in kaasisa. Wanti bara Ahaabitti ta'es dhugaadhumatti isa kana dha.

40 Egaa, as irratti hubannu, Eliyaas isa sana dubbachuu kan danda'eef, Ergaan bara sanaa fi Sagaleen Waaqayyoo… Ergamaan sunii fi Ergaan isaa, Sagalichi waan tokkicha waan turaniifi. Raajiichi Sagaicha, Ergichas; Ergamaan fi Ergaan, Sagalichi tokkuma turan. Yesus, "Hojii akkan hojjedhuuf barreeffame hin hojjedhu yoo ta'e, Ana hin amaninaa" jedhe. Inni kun gaarii dha. Nama kam iyyuu taanaan, innii fi ergaan isaa tokko.

Isaan egaa kanaaf bara har'aa hojii Waaqayyootti amanuu didu, sababiin isaaisaan Ergichatti hin amanan.

Garuu isin warra guyyaa Waaqayyoo isa keessa jiraachaa jirru amantaniif, wantoonni sun buddeena dhokataa dha. Xiqqoo itti yaadaa mee, Waaqayyo baay'isee Isa isaan dhoksuu irraan kan ka'e, kallattiidhaan Isa in ilaalu; garuu Isa hin argan. Karaan jaamina isaanii isa Eliyaas loltoota sooriyaa jaamsee wajjin tokko. Karaadhuma kanaan Waaqayyo warra hin-amannee Buddeena Dhugaa isa kan Ijoollee Isaa irraa, isa kan warra amananii irraa isaan jaamse.

41 Yeroo Nohi Markaba tolchaa turetti, "Mankaraaressaan kun" isaan jedhan, iji isaa garuu Sagalee Waaqayyoo fi Kakuu Isaatiif banaa ture. Waanuma isaan mankaraaressummaa jedhaa turantu, Nohii fi maatii isaa oolche. Hubadhaa, waanuma isaan isaan jedhanii dha. Wanta nuyi irratti kadhannu, namoonni itti ga'isu. Wanta namoonni, "Maraatuu!" ittiin jedhan, nuyi immoo, "Sammu-qabeessaa!" isaan jenna. Waanta biyyi lafaa, "Sammu-qabeessaa!" ittiin jettu, Waaqayyo immoo, "Gowwaa!" ittiin jedha. Wanta biyyi lafaa, "Gowwaa!" ittiin jedhu immoo, Waaqayyo, "Sammu-qabeessaa!" jedhaan. Inni egaa dhugaadhumatti wal faallessuu dhugaa fi soba gidduu jiru dha. Yesus Kristos kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana.

42 Yaadadhaa, inni karoora Waaqayyootiin, waamicha Waaqayyootiin, Sagalee Waaqayyootiin gara iddoo dhoksaa isaaf qophaa'ee deeme. Eliyaas iddoo dhoksaa isaaf qophaa'e kan deeme utuu inni hin dhalatin dura dursee akeekuu Waaqayyootiin, waamicha jireenya isaa irratti godhameenii fi akkaataa Sagalee Waaqayyootiin gara iddoo dhoksaa isaa sanatti gale. Karaan ittiin ol gallu isa kana miti yoo ta'e, maaliif akka achitti argamnu ani hin beeku.

Egaa hubadhaa, caamni hamaan sun utuu hin jalqabin, iddoo jireenya isaatiif dhoksaa ta'e sanatti gale. Inni kun utuu firdiin biyya lafaa kana dha'uuf dhufu hin jalqabin dura waan ta'uuf jiruun baay'ee wal fakkaata, Waldattiin durumaan waamamtee baateetti, Misirrottiin utuu firdiin biyya lafaa kanatti hin dhufin dura, durumaan fo'amtee qophooftee eeggachaa jirti. Isheen durumaa kaaftee eeggachaa, Buddeena Waaqayyoo nyaachaa, eebba Waaqayyootti gammadaa jirti. Namni sammuun isaa yaaduu danda'u kam iyyuu karaa qajeelaa irra deemaa jiraachuu keenya, guyyaa firdiitti qajeeloo akka nuyi taane in beeka.

43 Ilaalaa! Obboleessa keenya Baankis, namoonni baay'een galgala kana as jirtan, warri ganama gaafa sanaa tulluu sana irra dhaabachaa turtan.

Dilbata dhuftu ganama yoo fedha Waaqayyoo ta'e, waa'ee tulluu sanaa dubbachuun barbaada. Achitti mul'ata guddaa, wanta baay'ee bal'aa haa ta'u malee isinitti himuu irraa of qabuun natti ulfaatu wayiin argee ture. Garuu…Argitanii? Innis immoo yeroo hundumaa dhaabbataa dha, yeroo wanti tokko ta'ee darbu kan biraan immoo itti fufa. Hubattanii? inni gonkumaa ta'uu hin dhiisu. ISA GOOFTAAN DUBBATE dha waan ta'eef.

Tokkoon tokkoon keessan yeroo kumaatamaa fi kumaataam ol kaasettii irraa yummuun, "GOOFTAAN AKKISITTI DUBBATEERA" jedhu dhaabattanii dhageessaniittu, inni egaa akkum sanatti in ta'a. Gaazexaa fi Baarruuleen illee akkuma sanatti ta'a jedhanii labsuu qabu. Guutumaan guutuutti inni maak akka ta'e hin beekan, garuu isaan isa arganiiru. Isaan maal akka inni ta'e hin beekan, garuu Sagalichi dhibbaa dhibbatti dhugaa isa gochaa jiraachuu isaa arganiiru.

44 Nuyi gajjallaa kanaa laga keessa dhaabanna turre, Ergamaan Gooftaa sun gaafa sana gadi bu'e, yeroon isaa waggaa soddomii sadii dura bara 1933tti ture, inni gadi bu'ee waan Inni hojjete kana dubbate. Walga'icha dhiitanii sokkan, namoonni baay'een qarqara lagichaa dhaabatanii turan, "Biilii, wanti kun maal jechuudhaa?" naan jedhan.

Ani immoo, "Wantichi anaaf miti; wantichi isiniif kan dhufe dha malee. Ani nan amana; isin hin amantan" jedheen deebiseef. Isaanis callisanii sokkan.

Sana booda Paasteriin, "Barumsa kutaa torbaa kanaan biyya lafaa hundumaa irra naanna'een, Moototaaf, warra aboo qabaniif, kanneen birrootiifis kadhadha jechuu keetii?" naan jedhe. Itti fufees, "Oo, isa kana irraanfadhu!" naan jedhe.

Ani Isa irraanfachuu hin dandeenye, Inni laphee koo keessatti awwaalamee ture. Kunoo amma waggaa soddomii sadii booda, wanti hundinuu guutumaan guutuutti akkuma Inni Nan raawwadha jedhee natti dubbatetti raawwatame. Inni Waaqayyoo dha, isa jedhe hambisuus hin danda'u. inni yeroo hundummaa dubbii Sagaleesaa in raawwata. Inni…Inni gonkumaa Isa dubbate hin mamu.

45 Amma hubadhaa, inni akeeka (duraan dursee isa beekuu) Waaqayyootiin achitti

gale, waamicha Waaqayyoo fi Sagalee Waaqayyootiin utuu beelli hamaan sun hin ta'in dura achitti gale.

Egaa amma, firdiin ta'uudhaaf qophaa'ee akka jiru in beekna.

Guyyaa sana gaaricha irra dhaabachaa turre, obboleessi keenya Baankis Wuudsi inni amma as dhaabachaa jiru, gaara sanarra ol adeemaa ture. Kutaa kana tarii irra deebi'ee nan dubbadha, sababiin isaa toora kadhataa diqiiqaa kudhan, yookiin kudha shan booda qabnuuf amantii keessan isiniif ijaara waan ta'eef. Ani xiqqoo obboleessa keenya Baankis dura darbeen deemaa ture. Inni… Obboleettiin keenya Ruubiin waan dhukkubsatteef ishee dhiisee dhufe jedheen yaada. Inni duuba kootiin dhufaa ture, nan yaadadha, fuulli isaa diimatee ture. Duubatti gala galeen ilaale. Gaara kana dhiibuun xiqqoo isatti cimuu danda'a jedheen yaade, kanaaf ariitii koo hri'isuun jalqabe. Ahuma lafa onaa sana keessatti, waan akka gaara fakkaatu sun, iddoo Ergamoonni Gooftaa mul'ate ture dha. Nuyi yeroo sanatti kallattii sana qabannee, iddoo isaan ji'oota muraasa dura itti mul'atanitti deemaa turre.

Akkuman gaarichatti ol ba'een, Hafuurri Waaqayyoo… Yummuun of duubatti gara galee, fiixee gaarichaa ol ilaalu, Inni, “Dhagaa sana fuudhiitii, 'GOOFTAAN AKKAS JEDHEE DUBBATEERA, sa'aatii muraasa itti aanan keessatti Ulfina Waaqayyoo arguuf jirta' isaan jedhi” jedhee natti dubbate.

Anis battaluma sanatti dhagicha fuudheen, “Obboleessa koo Baankis, maaliif akka ta'e ani hin beeku” isaan jedheen, achumaan, “GOOFTAAN AKKAS JEDHEE DUBBATEERA, Ulfina Waaqayyoo arguudhaaf deemaa jirta” jedheen dhagichatti dubbadhe.

Inni immoo, “Wanti kun Ruubii dha jechuudhaa?” jedhee na gaafate.

Ani immoo, “Lakki, waan sii wajjin wal qabatu tokko illee waan qabu natti hin fakkaatu, Baankis ta'e yookiis Ruubii, isin keessaa nama tokkoo wajjin wal qabata jedhee hin yaadu. Inni, ”GOOFTAAN AKKAS JEDHEE DUBBATEERA jechaa waan tureef, wanti ta'e tokko ta'uuf jedha“ jedheen isaaf deebise.

46 Ganama itti aanutti yummuu nuyi achi dhaabachaa turretti, dhiirota baay'eetu achi ture, namoonni yeroo sanaa meeqan keessa akka amma as taa'aa jirtan hin beeku, yeroo sanatti namoota kudha lama yookiin kudha afur, kudha shan taanee achi taa'aa tuurre. Hunduma isaanii wajjin akka tasaa wal argine, tajaajilaan tokko gara kootti ol adeemee, “Obboleessa koo Branhaam, ani abaluu abaluun jedhama. Ani Kaalifoorniyaatti warra Ispoonsera siif ta'an keessaa tokkon ture” naan jedhe.

Ani immoo, “Si arguu kootti nan gammada” jedheen isaaf deebise. Dooglas Maak Huuges. Inni, “Ani…” “Si arguu kootti baay'een gammada” jedheen harka wal fuune.

Inni, “tole egaa, amma gaaffii tokkon si gaafachuu barbaada” naan jedhe. Itti fufees… Rooyi Roobersen hojjetaan koree faayinaansii amma as jira; Obboleessi keenya Wuudsi, Teerii fi Biiliin, akkasumas, Oo, Obboleessi keenya Maak Anaalii, akkasumas warra as dhaabatanii jiran hundumaa maqaa isaanii hin beeku. Anis immoo… Inni, “Waan ta'e tokkon si gaafachuu barbaade” naan jedhe. Itti fufees, “Gooftaan mul'ata akkasii siif kennee beekaa?” jedhee na gaafate.

Anis, “Eeyyee, obboleessaa, garuu asatti kanan ol ba'eef isa irraa fagaadhee, asitti boqochuufi” jedheen isaaf deebise.

Achumaan akkas galagalee yummuun ilaalu, doktoora qaamaan guddaa gara isaa ilaalee, “Paaster Maak Huuges, alerjiin ija kee keessaa kun yeroo dhi'ootti qaroo kee balleessuuf deema. Ani gara waggaa lamaatiif si yaalaa tureera, garuu homaa tokko gochuu hin dandeenye” isaan jedhun arge.

Anis gara isaatti gala galeen, “Wanti ati na gaafachuuf jettu, waa'ee isa doktooriin kee guyyaa tokko, 'Alerjiin ija kee keessa jira' siin jedhee sitti himeetin” isaan jedhe. Guyyaan sana yeroon isaa gara sa'aatii shanii fi walakkaati, inni fuullee ijaa uffatee ture. Anis, “Sababiin ati fuullee ijaa uffattuuf aduudhaaf utuu hin ta'in iji kee waan si dhukkubuufi. Inni, 'Qaroo kee dhabuuf deemta' jedhee sitti himeera” jedheen isatti dubbadhe.

Innis, “Inni kun sirrii dha” jedhee boo'uu jalqabe.

47 Akaafaan harkatti qabadhee jiraa, ammas of irran gala gale adeemuudhaaf. (Gara isaan ilaale; utuu inni dhaabatee gara koo ilaaluun arge, iji isaa sirriiti arge.)

“GaruuWAAQAYYO AKKAS JEDHA, ija kee kana hin dhabdu” jedheen isatti dubbadhe. Bu'uun isa dhumaa kun yeroo ta'etti, isaa wajjin adamoorra turre; inni anaa fi namoota sonaan baay'ee sana hundumaa caalmaatti arga ture adamoo sana irrattis. Inni gonkumaa…

Dubartiin guddoon tokko utuu isheen wandaboo ishee miilla ishee irraa ol qabduun arge. Isheen, “Yaa Ilma koo, Obboleessa keenya Branhaam yoo argite, miilla koo kanaaf akka naaf kadhatuuf itti naaf himi” jette. Yeroon gadi ilaalu xiqqoo…waan akka kormommuu kaanseriitu miilla isheetti naanna'ee rarra'ee jira.

Ani, “Haati kee dubartii rifeensi mataa ishee harrii baase dha. 'Yaa Ilma koo' siin jette, hubadhu. Utuu ati manaa hin ba'in, yoo na argita ta'e akkan miilla isheetiif kadhadhuuf akka natti himtu sitti himtee turte. Isheen kormommuu kaanserii miilla isheetti naanna'ee rarra'ee jiruun dhukkubsachaa jirti” jedheen isatti hime. Inni akka gaggabuu wayii ta'e.

“Innoo dhugaa dha” jedhe.

“Hin yaadda'in jedhii isheetti himi. Miilli ishee in fayya.” Jedheen isatti dubbadhe.

48 Naannoo sana deddeemuun jalqabe. Achumaan Sagaleen Waaqayyoo, “Karicha irraa maqi, ariifadhuu” utuu jedhuu nan dhaga'e.

Rooyi Robesen loltuu waraanaa akka ture waan beekuuf achuma dhaabatee ture, harka koo saggoo isaa irra kaa'een, “Obboleessa koo Rooyi, hamma dandeessu ariifadhuutii dhokadhu!” isaan jedhe.

Innis, “Rakkoo maaliitu jira?” naan jedhe.

Ani immoo, “Karaa gadi dhiisi! Dhokadhu!”n isaan jedhe.

Battalumatti of irra gala galeen deemuu jalqabe, Akaafaa koo fudhee, koffiyyaa koo of irraa fuudheen of irra gala gale. Kunoo Inni in dhufe, Ulfinni Waaqayyoos bubbee jabaa keessaan bu'ee tullicha tatarsaasee, dhodhoosee laficha akka raasuu godhee, daggala achitti argamu mataa kootii olitti nannoo iinchii sadii yookiin afurii, shaniitti murmuree daddarbate. Boca calaltuu wayii fakkaatee ol deebi'e; ammas deebi'ee bubbusuutti ka'e. Akkuma kanaan yeroo sadii dhufe.

Erga Inni yeroo sadii dhufee achumaan hafee booda, Obboleessi keenya Baankis ol dhufee, “Inni amma ta'e kun waan ati dubbachaa turte dhaa?” jedhee na gaafate.

Ani immoo, “Eeyyee” jedheen deebiseef.

Inni immoo, “Wantichi maal turee?” jedhee na gaafte.

Ani immoo, “Waaqayyo qilleensa jabaa keessaan mul'ata.” jedheen deebiseef. Inni namootatti akkan dubbadhuuf na barbaadee fin a hin barbaannee isaa ani hin beekne.

Sana booda ol deemeen xiqqoo kadhadhe. Sana booda Inni isaanitti himuu akkan danda'u natti hime. Anis, “Firdiin Kutaa Biyyaa gara dhihaa kanatti dhufuuf jedha” jedheen isaanitti dubbadhe. Har'a mee ishee ilaalaa! Kun ta'ee sa'aatii muraasa booda waan ta'e ilaalaa: Alaaskaan in dhidhimte. Ammas taanaan wanti hunduu lafa jalatti gadi deemaa jira. Nuyi firdiitti seenaa jirra. Oftuulummaa irraan kana ka'e araarri isaan fagaachaa jira.

49 Garuu, galanni Waaqayyoof haa ta'uu nuyi Nyaata dhokataa, nyaata hafuuraa arganneerra, bara dhumaa kanattis isa soorachuudhaan gaarummaa fi araara mul'ata Yesus Kristos irra, sabasaa keessatti Ofii Isaa mul'isuu irratti qabamnee jiraachaa jirra. Ameen! Isaan achitti ol galan. Eliyaas utuu beelli sun hin seenin dura achitti ol seene. Utuu firdiin itti hin seenin dura waan ol seentaniif Waaqayyoon galateeffadhaa. Yeroon kun yeroo keessaa ba'anii ol galuuti, yeroo dhaabbilee amantii sana keessaa ba'anii Kristos keessatti galuuti, warra dhugaatti ammaniniif yeroon kun yeroo keessaa-ba'uu fi ol-seenuuti.

Egaa inni waamamee, achuma keessas jiraate. Yaadadhaa, inni amma Waaqayyo isa waamutti raawwatee lagicha dhiisee hin deemne.

Egaa beelli sun xumuramuu jala yeroo ga'etti, Inni achi keessaa ba'ee gara mana haadha hiyyaassaa tokkoo akka dhaquuf isa waame. Qalbeeffadhaa, Inni gara dubartii haadha hiyyeessaatti isa waame. Haati hiyyeessaa kun immoo warra hin-amannee wajjin kan walitti firoomte miti; isheen bara beelaa sana keessa mallattoo bineensichaa hin fudhanne. Kanaaf Inni ishee waamee baasuudhaan…haadha hiyyeessaa kana akka

sooruuf Eliyaasiin erge. Isaan daaboo xiqqoo tokko, waan xiqqoo wayii isa isheen baattee jirtu qofa qabu turan. Eliyaas, "Jalqaba, isa as natti kenni. Inni kun, ISA GOOFTAAN DUBBATE DHA, amma Waaqayyo Gooftaan bokkaa gara biyya lafaatti roobsutti, huuroon kee duwwaa hin ta'u cuggeen kees hin gogu" isheedhaan jedhe. Waaqayyoon tokkoffaa irra kaa'uun, Sagalee Isaa tokkoffaa irra kaa'uu dha.

50 Qalbeeffadhaa, huuroo keessa daakuutu ture. Isheen yeroo daakuu barbaaddu hundumaatti, daakuun huuroo keessa jira ture. Yeroo isheen dhadhaa ejersaa barbaaddu kamitti iyyuu inni cuggee keessaa hin dhabamu ture. Maaliif? Kennaa daakuu godhamu keessatti daakuun Kristos bakka bu'a. Wanti ittiin midhaan daakan akka hammi bullaa'ina daakuu wal qixa daakamuu danda'utti sirreeffamuu qaba. Tokkoon tokkoon bullaa'ina daakuu wal qixxee ta'uun isaa kan agarsiisu, Inni kalessa, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu isaa kan agarsiisu dha. Inni kun Sagalicha ture, inni kun Buddeena Jireenyaa isa Ergicha duukaa Sagalicha ifatti baasee mul'isuuf dhufe dha.

Firootaa, inni har'as akkasuma dha. Inni har'as akkasuma in ta'a, Buddeenni Jireenyaa inni ijoolleen nyaattu, Ergaa Waaqayyoo duukaa bu'uun isaanii, bara beelaa isaan in oolcha. Inni har'a utuu nu gidduutti argamee hoo? Utuu Inni ammuma nu gidduutti dhaabatee hoo? Inni dhugaadhumatti wantuma yeroo fooniin lafa turetti hojjeechaa turee fi akkaataadhuma yeroo fooniin lafarra tureetti in hojjeta. Misirroon dhagna Abbaa manaa isheet, Waldaan Kristosi wajjin tokko. "Hojii Ani hojjedhu, isinis in hojjettu." Isa kan godhe immoo Sagalicha. Inni watoota Ofii Isaatii hojjete nuyis akka hojjennu nutti dubbateera.

51 Ammas as irratti haa qalbeeffannu, Sagalichi dhufee nu keessa jira yoo ta'e, Inni akkuma Eliyaasiin bara sanatti godhe sichittis in godha, Inni akkuma Eliyaasiin Wantoota dhoksaa Waaqayyoo nyaachisaa ture, nuyis in nyaachisa. Oo! Egaa ammas, inni kun Ergamichaa fi Ergicha tokko godha. Nyaatni hafuuraa Waqtii isaatti qophaa'ee jira. Tokkoon tokkoon keessan Nyaata kana nyaachuu yoo feetan, amanuu diduu bara kanaa keessaa miliquu yoo feeten, gara Kristos dhufuuf qophaa'oo yoo taatan, kottaa nyaadhaa afeeramtaniittuu; gara Sagalee abdii Isaatti kottaa.

Egaa abdiwwan Sagalee Isaa yaadadhaa, Miilkiyaas 4 keessatti, Luqaas 17:30 keessatti, Wangeela Yohaannis 14:14 keessatti, Yo'el 2:28 keessattii fi Caaffata Qulla'oo baay'ee keessatti, waan bara dhumaa kana keessatti hojjetu hundumaa dubbateera. Raajichi akkamitti bara dhumaa kanatti Ifni akka ta'u, Inni akkamitti akka hojechuuf jiru, maal akka Inni hojjetu hundumaa dubbateera, Caaffatoonni Qullaa'oon hunduu gara bara dhumaa kanatti qyba qabu. Innis immoo Kristosi dha! Amma egaa Isa keessa, Iddoo dhoksaa sana kessa of dhokachuu yoo dandeessan, gaarummaa fi araara Waaqayyoo soorachuu fi arguu dandeessu. Yoo dhukkubsattan, achi keessa fayyinatu jira.

52 Ni yaadattuu yeroo Elsaa'i, isa booddee, ibidda gadi waaqa irraa gadi…Erga kennaan daakuu sana, Kristosin, nyaatee booda haadha hiyyeessaa sana nyaatichumaan du'e ishee oolche. Boodan yeroo inni bantii waaqaa keessaa ibidda gadi waamee, Waaqayyoon biraa ergamuu isaa, Hafuura Raajichaa qabaachuu isaa mirkaneesse qalbeeffadhaa.

Lafa onaa keessatti gaaf tokko yeroo inni muka akka dhandhansaa jala rafetti, Ergamaan Waaqayyoo daakuu sana kan fakkaatu irraa buddeena tolcheefii isa nyaachise. Yeroo xiqqoo booda ammas akka inni rafu godhee, yummuu inni dammaqu buddeena ammas itti dabalee isaaf tolche. Jabin buddeena sanaatiin adeemsa guyyaa afurtamaa adeeme. Ulfinni kan Waaqayyooti! Inni kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana. Oo, nuyi akkam Isa jaallanna, Nyaata Hafuraa Waqtawaa!

53 "Inni Ijoollee jalaa buddeen fuudhee sareef kennuuf hin dhufne." Yesus yeroo dubartoota samaariyaa argetti waanuma kana hin dubbannee? Inni Warra kan Isaatiif ergame. Inni kun sirrii dha. Innis immoo isa dhufee… Inni raawwatee gara warra Saba Waaqayyoo hin ta'inii hin deemne.

Amma immoo yeroon kun yeroo Inni itti warra saba Waaqayyoo hin jedhamin ilaalaa jiru waan ta'eef…

Ati, "Ergichi maaliif iddoo gurguddoo alaa kanaaf, kiruuseedii gurguddaa kanaaf, damewwan amantii warra gurguddoo kana keessatti maaliif hin ergamne?" in jetta.

Inni nyaata isaanii miti. Inni warra akksumaan waldaa jedhamnii waamamniif

nyaata kan ta'u miti. Inni nyaata Misirrooti. Inni nyaata hafuuraa isa yeroo isaatti kenname dha. Inni garaa isaan dhukkubsachiisa. Inni isaaniif kan male miti. Hubattaa? Hubattaa? Isa gochuu hin dandeessu. Ijoollee isaatiif garuu Inni Buddeena, Inni Jireenya, Inni Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana isa ta'e dha.

54 Toora kadhataa yoo amma jalqabne malee yeroon nutty sokkuu waan danda'uuf, mee mataa keenya gadi qabannee xiqqoo haa kadhannu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, Nyaatni waqtii isaatti kennamu Nyaata hafuuraati. Innis immoo isa biyyi lafaa waa'ee isaa waan tokko illee hin beekne dha. Waan Gooftaan keenya galgala sana, yookiin guyyaa sanatti gara Samaariyaa iddoodhuma Elsaa'i gadi bu'ee, "Maaliif jennaan, hamman yeroo isaa himutti fixeensi iyyuu lafa kana irratti hin argamu" jedhe dhageenyeerra. Iddoodhuma sanatti Yesus bartoota Isaatti dubbate.

Isaan, "Yaa Barsiisa, maaliif waa hin nyaattuu?" isaan jedhan.

Inni immoo, "Nyaata isin hin beekne kanan nyaadhu qana" isaaniin jedhe.

Dhugaadhumatti yaa Gooftaa, Nyaatni Isaa fedha Waaqayyoo raawwchuu ture, Nyaatni Isaa mul'ina hojii Waaqayyoo bara Isaa keessatti arguu ture. Raawwii hojii kanaa arguuf immoo Inni achi ture. "Abbaan koo utuu dura natti hin agarsiisin, Ani waan tokko illee hin godhu. Wanti ani hojjedhu, isa Abbaan koo Anatti agarsiisu dha" jedhe.

Egaa yaa Abbaa, har'as akkasuma. Waldattiin, amanaan inni dhugaan, Dhagni amantootaa, nyaata dhi'aateef qabu; nyaata hafuuraa isa warri akkasumaan waldaa jedhaman waa'ee Isaa hin beekne qabu. Yaa Abbaa, biyyi lafaa waa'ee Nyaata kanaa waan beeku tokko illee hin qabu. Garuu Waldaan Kee, Sabni Kee, Misirroon Ilma kee, Isa in jaallatu.

Nuyi yummuu doktooronni fayyisuu dadhabanitti dhagna keenya kan fayyisu ga'umsa qabna. Inni Nyaata Waaqayyoo keessaa isa tokko ta'ee isa Inni Waldaa Isaatiif kennuuf, Ijoollee isaa warra Isatti amananiif bara dhumaatti isaaniif kennuuf abdachiise dha. Yaa Abbaa, Ijoollee warra amanan akka taanuuf nu gargaari, warra amananiif wanti hunduu in danda'ama waan ta'eef. Isa kana nuuf dhaga'i, yaa Waaqayyo jaallatama. Maqaa Yesusiin si Gaafannaa. Ameen.

55 Kaardiin kadhataa muraasni akka hirame Biiliin natti himeera jedheen amana. Isin keessaa namni tokko qubeen kaardii kadhataa irra jiru maala akka ta'e akka natti himun barbaada. [Nami tokko, "C dha" jedhe.] C, tole egaa, tokko, waamuu jalbeen yeroo hiriira guuttan addaan kuta. Hubadhaa, tarii hunduma isaanii ta'uu danda'a. Yoo namani hunduu…Gaariidha egaa, hubadhaa isa kana yaaluufan deemaa jira. Isa kana gochuu dandeenyaa fi hin dandeenyuu keenya hin beeku. Yookiin immoo tooraanan isin waamaatii ammasitti achuma taa'aa. Gama kootiin wanti na rakkisu hin jiru. Yoo gara waltajjiitti ol dhuftanis, yookiin yoo hiriira keessa achuma turtanis rakkoo hin qabu; waan isinitti tole godhaa. Ani Hafuura Qulqulluu irrattin hundaa'a. ani Isa irratti hundaa'een Sagaleen har'a lallabeef deebii kenna.

Obboleessa koo Goorji Raayit, ani Isa nan amana. Ijoollummaa kootii jalqabee, baroota dheeraa dura yeroon mana kee dhufaature sagalee Simbira mukarra taa'uu tokkon dhaga'an ture yeroo hundaa, ani amma iyyuu Ergaa sanatti nan amana. Nan amana Inni isuma sana.

56 Tole egaa, toora kadhataatiif iddoo mijeessaa utuu jiranii argaan jira. Tole egaa, kaardii kadhataa C, lakkoofsa tokko, lama, sadii, afur, shan sisn dura kottaatii as dhaabadhaa. Ol ka'uu hin dandeessan yoo ta'e, achuma taa'aatii harka keessaan baasaa, namni dhufee isin fuudhu jiraatii. [Namni ta'e tokko, Obboleessa keenya Branhaamitti dubbachaa jira.] Inni Maali? Eeyyee. Uhuhhuu. Kaardii kadhataa C, tokko, lama, sadii, afur, shan. Amma hubadhaa, warri kaardii kadhataa hin qabne…

Amma egaa, toora kadhataa gosa kanaa ergan itti fayyadamee yeroon isaa baay'ee baay'ee tureera. Yeroo Waldaa kana asitti ijaarre Ergamni koo maal akka ta'e nama meeqatu yaadata? "Hojii Wangeelaa hojjedhu. Yeroon inni kun itti jijjiiramu dhufuuf waan jiruuf" naan jedhame. Hubadhaa, Yeroon sun kunoo ga'aa jira. Amma egaa, kana keessatti…

Gosa tajaajilaa garaagaraa wal keessa maknee, Paasteriis hojjetaa Wangeelaas yeroo tokkotti ta'uu hin dandeenyu. Al tokkotti Paasteriis taatee Raajiis ta'uu hin dandeessu, sababiin isaa lamaanuu hojii tajaajila garaa garaati waan ta'eef.

Garuu Gooftaan Ergaa koo keessatti waanan gochuu qabu naaf kenne. Garuu yeroo sanatti Inni, "Hojii Wangeelummaa hojjedhu, ergama tajaajila keetii mirkaneessi, yeroon isaan Barsiisa sirrii fudhachuu didan dhufuuf waan jiruuf" naan jedhe. Utuu akkas hin goone ta'ee kottaa mee amma! Dameeleen Waldaa hundumtuu gadi na deebisu turan. Isaan Barsiisa sirrii hin fudhatan. "Garuu akka hawwa isaaniitti, barsiisota wanta gurra isaaniitti tolu isaan barsiisan walitti in sassaabbatu. Isaan dubbii dhugaa dhaga'uu irraa garagalanii, gara mammaaksa amantiitti in goru. Isaan akkuma wanta Yaaneesii fi Yaambres warra Museedhaan mormanii wanta gurguddaa fi waan qabatamaa in hojjetu, garuu gowwummaan isaanii bakkeetti ba'ee in mul'ifama." Hubattanii? Hubattanii? Tole egaa, akkeessotootaa! Hubattanittuu akkamitti Yaambres…

57 Waaqayyo Inni waaqa irraa isa waan beekuuf bara 1933 jalqbee golee dhagaa godoo Mana Qulqulluummaa sana irra kaa'e, Inni fuula Macaafa Qulqulluutti caafee achi kaa'e. Akkamitti akka isaan hojjetan ilaalaa. Waan dhufee raawwatee darbe ilaalaa. Dhibbaa dhibbatti akkuma isaaniitti fakkeessanii hojjetan. "Calluma jedhaatii isaan dhiisaa, akkuma Yaaneesii fi Yaambres gowwummaan isaanii bakkeetti baafamee mul'ifame, kan isaaniis akkasuma ta'uuf jira" jedhe. Kunoo amma egaa bara sana keessa jirra.

Yeroo sanatti yummuu nuyi Mana Qulqullummaa kanaaf dhagaa bu'uuraa keenyetti, namoonni dagalee manaa qabatanii, baay'een isaanii keenyan manaatti naanna'anii yeroo dhaabachaa turantu natti argamaa jira. Isinis achi turtan. Yummuu ijaarsichi ol ka'utti namoonni magaalaa kanaa, "Ji'a ja'a keessatti…" jedhan. Yeroo nuyi doolaara tokkoo fi saantima saddeettamaan godoo Mana Qulqullummaa ijaarretti, namoonni mana garaajii hojjetan baay'een isaanii, mana garaajii isaaniif ijaaraa jirra jedhanii murteessan. Garuu inni amma iyyuu Hoolaa Waaqayyootiif mooraa hoolaati.

58 Tokko, lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba, saddeet, sagal, kudhan. C, ja'a, torba, saddeet, sagal, kudhan. Gaari dha egaa.

Amma, "Ani Gooftaan isa dhaabeera, Ani halakanii fi guyyaa bishaan isa nan obaasa, namni karka koo keessaa isa hin fudhatu." Mee Yaada Xiinxala Sammuu ilaalaa! Dameen amantii Isa deeggartu hin jirtu. Biyya kana keessaa Waldaan Isa jaallattu hin jirtu. Warri Pheenxeqoostees, eenyu iyyuu Isa hambisuu hin danda'u. Hundumtuu Cuuphaa Bishaaniitiin in morma, hundumtuu wantoota biroo kanaan in morma. Maatiin koo illee utuu hin hafin, abbaan koo inni na dhalche balbala natti cufatee na ariinaan, kaartooniitti wayyaa koo sassaabbadhee deemeen Newu Albaaniitti bade. Sirrii dha.

Garuu balaa baay'ee, rakkinaa fi siqiqii keessa darbee

Ani kunoo as ga'eera;

Ayyannisaa nagaan asiin na ga'eera,

Ani amma waggaa jaatamii ja'a ta'eera, yeroo dhi'ootti lag agama nan ce'a.

Ayyaanni irra na aansa.

Yummuun waggoota kumaatama kudhaniif achi jiraadhu,

Ifni akka aduu in ifa;

Ulfina Waaqayyoo faarsuuf yeroon nu hin hanqatu,

Akka isa kan jalqaba keenyaa.

Oo, Yesusin akkan itti jaalladhuu! Inni anaaf Adduyaa kooti!

59 Oo, tole egaa, hanga meeqattin… Eessarra ga'een dhaabadhe, kudhanii? Muraasa itti dabaluu dandeenyaa? Tole egaa. Hanga meeqaatti ture, kudhan, kudha shanii? Tole egaa. C, kudhanii hanga kudha shaniitti kan jirtan yoo dandeessan ol ka'aatii qophaa'aa. Maal jedhe? Ihii? Tole egaa. Yoos egaa, C, kudha shanii hanga digdamaatti qophaa'aa. Kudha shanii hamma digdamaatti. Innis namoota kudhan dabalataan barbaadna jechuu dha. Hiriirri achi ga'ee yoo dhaabate, namoonni akka wal hin dhiibneef gargaara. Kanaaf nuyi… Tole egaa.

Egaa amma yaada keessan asitti luucceffadhaa; baay'ee isin hin tursu waan ta'eef na hordofaa. Garuu, amma, Oo, maal sa'aatiin kun, maal yeroon kun! Hunsumti keessan Gooftaa akka jaallattan nan hawwa. Hawwiin koo utuu hundumti keessan iddoo kana dhuftanii annisaa daqiiqaa kanaa bartaniiti. Mee isa yaa yaallu. Qalbee keessan naaf ergisaa.

60 Amma asitti maal gochuuf deemaa jirra? Sagalee Waaqayyoo qormaata keessa dabarsuuf deemaa jirra. Eliyaas isa kana godheera, inni erga Waaqayyoon biraa akka ergame baree booda gara gaaraatti ol ba'ee yaalii kana godhe. Inni, "Mee Waaqayyo eenyu akka ta'e haa mirkaneessinu, Waaqayyo Inni ibiddaan deebisu Waaqayyo haa ta'u" jedhe.

Sabni warri ormaa sun of kukkutanii, oo, "Tole egaa, lakki…" jedhan. Warri Ormaa sun yoo iyyanii caraanan ibiddi gadi hin roobu kan jedhu beeku turan.

Garuu Eliyaas wanti inni beeku ibiddi akka gadi roobu dha, sababiin isaa inni mul'ata Gooftaa irraa kennameef waan qabuufi.

Ati, "Inni mul'ata qaba turee?" jetta.

Eyyee, obboo! Inni yummu wanti hundumtuu toora galee argetti, "Yaa Gooftaa, waan kana hundumaa Abboommii Keetiinan godhe" jedheera. Achumaan ibiddi gadi roobuu jalqabe. Sagaleen Waaqayyoo al tokko barreeffamnaan, guutummaa Isaa hojii irra hojii Waaqayyooti. Inni akka kan isin gaafatu akkuma jirutti akka isin fudhattanii dha. Akuma jirutti fudhattanii sabaan ga'uun akka isin irra jiru beekuu qabdu. Hubattanii? isin akkas yoo taatan, Inni isa hafe hundumaa in eega.

61 Amma egaa, namoonni utuun kadhadhuu toora kana irra dhufanii in darbudhaan… Amma egaa, gara keenya kanaatti goraatii hiriiruu jalqabaa. Amma egaa, jalqaba irratti, as mana kana keessaa yoo xiqqaate…

Namoonni isin dhukkubu, garuu kaardii kadhataa hin argatin nama meeqa tu jirtu, harka keessan ol qabaa. Hubattanii, nama hundumaati. Amma akkuma isin beektan yoo Gooftaan… Akka Inni godhu ani nan aman, Inni kalessas, har'as bara baraanis isuma sana taanaan isa kana in godha. Inni toora kadhataa geggeessaa ture. Namoonni hiriira baay'eedhaan, sonaan isa bira dhufaa turan, Inni isaan tuqee, isaan eebbisaa ture. Sana booda yeroo tokko dhaabatee, "Eenyutu na tuqee?" jedhe. Of duuba ilaalee, dubartittiin maaliif akka Isa tuqxe isheetti himee, dhangala'uun dhiiga ishee akka dhaabate isheetti dubbate, amantii isheetu fayyina isheef late.

Utuu isheen of irra garagaltee, "Gaariidha, Anoo hin beeku , anoo rakkoo kana durumaa jalqabeen qaba" jetteetti ta'ee maaltu ta'a? fayyinni isheedhaaf hin ta'u ture. Lakki, fayyinni isheef hin ta'u ture. Lakki.

Dubartii Finiiqee Samaariyaa sanaaan yeroo Inni, "Sababii jecha ati dubbatteef, intala kee keessaa seexanni ba'eera" jedhetti, utuu isheen, "Gaariidha egaa, amma mee yaa Gooftaa, karaa kanaan akka ati naaf gootun barbaada" jetteetti ta'ee maaltu ta'a ture? Seexanichi intale ishee keessa jiraachuu itti fufa ture. Garuu akkataan isheen itti eeggachaa turte, karaa Inni isheetti dubbateen intala ishee argachuu ture.

62 Egaa Inni, "Ani dhuguman isiniin jedha, amantii yoo qabaattan, yoo mamuu dhaabaattanis, gaaruma kanaan, 'Ol kaafamii galaanatti darbatami' yoo jettan iyyuu in raawwatama" jedhee nutty dubbateera. Maal kakuun abdii akkasii!

Egaa namni wangeela hawaasummaa lallabu isa kana raawwatee hin amanu. Inni gara balbalaatti ol adeemee, mana keessa ol ilaalee, yookiin achuma dhaabatee, "Tole egaa, isaan kun immoo garee qulqulloota lafa gangalatanii warra biraati" jedhee ba'ee sokka. Hubttanii? Inni kun nyaata dhokataa akka ta'e inni hin beeku. Inni kun Wanta dhoksaa isa jalaa dhokfamee ta'uu Isaa inni hin beeku. Inni isa hin beeku. Sammuu qullaa, gadadamaa fi jaamaa, garuu immoo kana hundumaa of irratti hin beekne garaatu nama jibba. Hubattanii? inni kun waan gadhee dha.

Oo, yaa Waaqayyo, dursii na ajjeesi malee, raawwattee akkas nah in godhin. Eyyee obboo, ani akkas gochuu koo manna du'uu naaf wayya. Hundumti keenya akkasi jedheen yaada, akkas mitii? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

63 Garuu, amma, Waaqayyo wantoota kana bara dhumaa keessa akka ta'aniif nu abdachiiseera. Miilkiyaasa 4 kessatti, Yesus Kristos gadi dhufee nama foon uffatu keessaan of mul'isee akkuma bara Sodoom godhe in godha jedhee dubbata. Inni sun sirrii dha. Akkasumas biyyi lafaa haala Sodoom keessa turte keessa in jiraatti jedha. "Akkuma yeroo sana ture, Ilmi namaa guyyaa sanatti in mul'ifama" jedhe. Hubadhaa, Namni bifa namaa uffatee dhufu kun, Isa utuu ilmi abdachiifame hin dhufin dura Abrahaam, "Elohim" jedhee waame dha. Maal akka inni ture ilaalaa, inni Waaqayyo ture jedhe Abrahaam. Macaafni Qulqulluun akka jedhutti namoota sadiitu gara isaa dhufe,

wayyaan isaanii awwaara kan qabu, karaa deemanii dhufanii, taa'anii akkuma namaatti nyaachaa turan. Yesus, "Yeroo biyyi lafaa akka haala Sodoom turteetti deebitutti, Ilmi namaa ammas deebi'ee Of Isaa in mul'isa" jedhee dubbate. Ilma Waaqayyoo miti, hubadhaa, Ilma namaatu Ofii Isaa mul'isa.

Amma egaa isa kana waan Raajiin inni dhumaa dubbatee wajjin walitti fidaa, inni, "Kunoo, Ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga, inni garaa ijoollee gara abboota isaaniitti in deebisa" jedhe. Hubattanii? Ergaan Tokko gara Macaafa Qulqulluutti isaan in deebisa, Ilmi namaas guyyaa sanatti Ofii Isaa in mul'isa. Akkasumas bara malakanni bara Waldaa torbaffaa afuufamutti, bara Ergamaa isa torbaffaatti, guyyaa sanatti dhoksaan Waaqayyoo in beekama. Mallattowwan torban cabanii in banamu. Dhoksaan Waldoota kana hundumaa fi wantoonni dubbataman, akkamitti akka ta'aa turee fi maaltu akka ta'aa ture ifatti in ba'a.

64 Hubadhaa, isaan Isa hin beekan. Yesus, "Yaa Fariisota jaamaa nana! Jaamaan jaamaa yoo harkise, isaan wal fudhatanii boollatti kufu mitii?" isaaniin jedhe. Hubadhaa, sababiin namoonni sun Isa arguu dadhabaniif isa kana dha.

Dhoksaan mallattowwan sanaa kan ta'e, tokkoon tokkoon Waldoota sanaa jaarmiyaa hundeeffatanii isatti galuu isaanii yummuu ta'u, inni kun immoo waan dhoksaa fuula Waaqayyoo duratti dogoggora ta'e dha. Isa kana hubatteettaa, Dokteer Lii? Hubadhaa, ilaalaa. Inni dogoggora. Wanti kun waan qabatamaatti achi jiru dha. Inni kun dhoksawwan sana keessaa isa tokko. Hubadhaa, isaan jaarmiyaatti of gurmeessaanii, guutumaan guutuutti fedha Waaqayyootii ala ta'an. Inni kun guyyaa gara dhumaatti bakkeetti baasee, saba gara damee amantii fi seera waldaatti utuu hin ta'in, gara Sagalee Waaqayyoo isa dhugaatti in geggeessa. Sagalichi inni dhugaan gara garee namoota tokko in dhufa, Ilmi namaas isaan gidduutti Ofii Isaa in mul'isa, "Inni kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana" ta'uu Isaa isaan gidduutti in mul'isa.

Oo, yaa anaa! Ani isa kana nan jaalladha. Ani Isaan of jajuu nan jaalla dha. An namoota duratti Isa ol gurguddisuu nan jaalladha. Inni baay'ee ol fagoo waan ta'eef ol Isatti ba'uu hin dandeessan, Inni baay'ee gadi fagoo waan ta'eef jala Isaa ga'uu hin dandeessan, Inni baay'ee ba'laa waan ta'eef Isatti naanna'uu hin dadeessan, haa ta'u iyyuu malee laphee keessan keessaa iddoo Isaaf kennuu ni dandeessu. Isa fudhachuu hin barbaadduu? Gooftaan keenya akkam dinqisiisaa dha! Tole egaa.

65 Amma egaa hundumti keessan callisaa. Amma egaa, nuyi waa'ee Isa kanaa dubbachaa turre. Wanti nuyi dubbachaa turre dhugaadhaa? Amma egaa tarii namoonni keessummaa ta'an nu gidduu jiraachuu danda'u. tarii wantin dubbadhu yoo… Kristos kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana yoo ta'e, daqaiiqaa kana keessatti Inni maal in godha? Inni waanuma yeroo biyya lafaa kana irra ture gochaa ture in godha. Inni kun sirrii dhaa? Amantiin namootaa shaashara waayyaa Isaa in tuqa, Innis Of duuba in mil'ata. Inni akkuma dubartittii boolla bishanii bira turtee, akkuma iddoo biraattis gochaa ture, akkuma waan yaada isaanii keessa jiru bira ga'aa turetti, iddoo dhibee keessan bira isiniif in ga'a.

Egaa amma, "Inni na fayyisuu danda'aa?" jechaa jirta.

Inni kanumaan dura si fayyisuu Isaa Sagaleen Isaa dubbateera. Garuu wanti kun kan ta'eef, Inni as jiraachuun Isaa akka beekamuuf jedheeti.

66 Amma, utuu Inni foon uffatee, dhibbaa dhibbatti suuraa Hoofmaan, Kristos Morma Isaatii Olitti Yeroo Inni Waggaa Soddomii Sadii Fakkeessee Kaase, fakkaatee, dhiigni harka Isaa irraa fi iddoo kan biraa irraa utuu gadi lola'uu, godaannisi mismaaraa Isa irra jiruu wajjin utuu mul'atee, ani isa kana hin fudhadhu. Lakki, lakki. Lakki, lakki. Inni Ofii Isaatii yummuu dhufu, "Iji hundinuu Isa ilaaluuf jiru, arrabni hundinuu Inni Waaqayyo akka ta'e beeksisuuf jiru; akka bakakkaan ba'a-biiftuutti bu'u hamma lixa biiftuutti ibsu, dhufni Ilma namaas akksuma in ta'a." Hubattanii? Nuyi amntii duudhaa fi gosummaa kanatti hin amannu. Nuyi Waaqayyo Sagalicha ta'uu Isaatti amanna.

Garuu Inni dhagna koo fi dhagana keessan fudhatee Ofii Isaatii dhuunfachuudhan, kennaa naaf in kenna, keennaa isiniif in kennuudhan, kennawwan kana keessaan Inni Ofii Isaatii akka beekamu in godha. Inni kun egaa nyaata dhokataa dha. Inni hammam guddisee Ofii Isaa karaa kootiin akka beekamu yoo godhe illee, Isa kanatti amanuutu isin irra jiraata, isa kanatti amanuuf immoo kennaa amantii dabalataan qabaachuu qabdu. Isa kanatti in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Amma egaa, yoo Inni bifa sanaan of mul'ise, Isatti in amantuu? ["Ameen.] Garaa keessan guutuudhaan, Isatti

in amantuu? Oo, akkam dinqiidha, kallattiidhaan Isa eegaan jira, Waan Inni dubbatu ilaaluuf, xiqqoo Isa eegaan jira.

67 Kunoo namni tokko as dhaabatee jira. Amman beekutti, jireenya koo keessatti isa argee hin beeku. Inni nama gaarii, nama fayyaa fi jabaa fakkaata, tarii ta'uus danda'a. ani hin beeku. Garuu inni achi dhaabachaa jira. Egaa, ani dhaqee harka nama kana irra kaa'ee isaaf kadhadhee, akka inni amanu gaafachuu nan danda'an. Innis as ba'ee dhaabatee, "Abaluu fi abaluudhaaf akka ati kadhattun barbaada. Gardaafoo keessattin kufe, walitti fufiinsaan mataan na bowwaafata. Garaa koo keessatti madaan argame," yookiin waan ta'a tokko jechuu danda'a. Ani isa hin beeku. Inni wantoota kanneen keessaa waan tokko jechuu danda'a.

Anis, "Tole egaa, jaallatamaa obbolessa ko. Ani harka koo sirra kaa'een siif kadhadha" isaan jechuun danda'a. Inni kun dhibbaa dhibbatti sirrii dha. Waggoota kana hundumaa waanuma kana hojjechaa as geenye. Sirrii dhaa?

Garuu, yaadadhaa, Yesus yeroo dhufaatii Isaatti, akkuma bara Sodoom waan kana irraa addaa in ta'a jedhee dubbateera. Namni dhufee taa'ee kun, dugda Isaa dunkaana Saaraan keessa jirtu irraa garagalchaa utuu taa'uu, (ammaa booda, Abraam miti) Abrahaam jedhamta malee jedhe.

Hubadhaa, guyyaa sana dura inni Abraam jedhema ture. Garuu mul'ata Gooftaa, "Maqaa kee siif jijjiruufan deema" jedhu argee ture.

Kunoo egaa Gooftichi, Ofii isaatii, bifa namaa uffatee isaa wajjin nyaachaa, dhugaas ture. Inni, "Abrahaam, haati manaa kee Saaraan eessa jirti?" isaan jedhe. S-a-r…miti; Saaraa dha malee.

Inni immoo, "Isheen si duubaan dunkaana keessa jirti" Isaan jedhe.

Inni, "Akkuma kakuu Koo waggaa digdamii shanii duraatti, si mil'achuufan deema" isaan jedhe.

Saaraan immoo akka keessa isheetti akka kolfuu taate. Inni, "Saaraan dunkaana keessaa kolfitee, 'Wantoonni kun akkamitti ta'uu danda'u?' jette" jedhe. Wanti Waaqayyoof hin danda'amne jiraa? Hubattanii? tokko iyyuu hin jiru. lakki, obboo.

68 Amma Inni dubbateera, Yesus nu abdachiisee, "Inni, Ilmi namaa, inni Sagalicha ta'e, bra dhumaa jala yummuu biyyi lafaa haala Sodoomii fi Gomoraa keessa galtu, dhufee Ofii Isaa akka mul'isu kakuu nuuf galeera." Isa kana in amantuu? Inni kun sirrii akka ta'e in amantuu?

Nuyi kadhannaa tokko utuu hin godhatin dura, kaan keessan warri ala sana jirtan kadhadhaatii, akka Ilmi namaa kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana ta'e ilaalaa. Sirriitti gaafadhaa akka Inni akkas ta'e, "Yaa Gooftaa, namichai ana hin beeku, garuu Ati kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana akka taate nan beeka" jedhaatii, waan Inni isinitti himu ilaalaa.

Eeyyee, obboo. amma yeroo xiqqoodhaa mataa keessan ol qabadhaa.

Inni dugduuba koo jira. Inni daa'ima dha. Isheen daa'ima durbaati. Isheen magaalaa kanaan alaa dhufte. Ammuma kana dhagna gubaadhaan gubachaa jirta. Isheen rakkoo garaa keessaa qabd. Ati fayyiteetta. Dhugaadhamitti amani.

Egaa, Inni waan dubbate in raawwata mitii? nama sana jireenya koo keessatti argee hin beeku. Waaqayyo Inni waaqa irraa isa kana in beeka.

69 Namni as jiru kun, nama jabaa fi fayya qabeessa fakkaata. Garuu gaaddidduu isarra buufatee jiru in argituu? Kana jechuun, inni Waaqayyo yoo isa gargaare malee, inni yeroo dheeraa lafa kanarra jiraachuu hin danda'u. inni kaanserii qaba. Innis immoo somba kee keessa jira.

Egaa, Ilmi namaa as jira.

Inni ba'aa wayii gurbaa xiqqaa tokkoof laphee isaa irraa qaba. Inni kun sirrii dhaa? Waaqayyo rakkoon mucaa sanaa maal akka ta'e akka natti himu in amantaa? [Obboleessichi, "Inni nan beeka" jedhe.] Inni in danda'a. Inni ijoollee dhiiraa yumuu ta'u akka gaggabdoo godhee akka of isa wallaalchisuuf qoricha isatti godhan. Yeroo dhi'ootti wanti kun isatti ka'eera. ["Har'a ganama."] Sirrii dha, har'a ganama. Deemeetee gurbaa kana kaaftee akka jiraatu goootee, akka inni fayyuuf in amantaa? ["Eeyyee."]

Chaarli'ee Kooksi eessa jiraa? Inni eessa taa'aa jiraa? Chaarli'ee, eessa jirtaa?

Galgala kana hin jiru se'een yaade. Chaarli'een as gubbaa kana jira. Greeyi, eessa jirta? Laarii, inni as jiraa? Ilmi isaa inni xinnaanis waanuma akkasii qaba ture, dhugaadhumatti inni waanuma kana qaba. Laarii, eessa jirta? Daqiiqaa tokkoof as kottu. Tole, hoo'u narkaa fuudhi. Mucaa dhiiraa xinnaan kun waanuma akksii qaba ture. Haati isaa fi abbaan isaa, anaaf hiriyoota koo gaggaarii ti. Waggoota muraasa dura goda sanatti gadi bu'een ture, mucaan dhiiraa xinnaan kanatti qoricha godhanii, sammuu keessaa waan fuudhaniif dhukkubsatee du'uuf ka'e. dhukkubichi gaggabdoo ture. Isa mucicha irratti argee qabeen, Waaqayyo akka isa fayyisuuf gaafadhe. Erga yeroo sanaatii dhukkubichi isatti deebi'ee hin beeku. Inni sun abbaa mucichaati; haati isaa asuma keessaa iddoo ta'e teessee jirti; inni kun immoo mucichuma mataa isaati.

Amma in amantaa, obbo? (Laarii, galatoomi.) In amantaa, obbo? Waaqayyo waaqa irraa dhaga'ee akkuma mucaa kana fayyise isas haa fayyisu, atis mucaa kana ol kaaftee akka jiratan gootu si haa godhu. Waaqayyo si haa eebbisu.

Mee in kadhanna.

Yaa Waaqayyo jaallatama, isa gargaari. Araarri kee fi ayyaanni kee isarra buufatee akka isa eebbisuuf sin kadhadha. Maqaa Yesusin.

Amma gara Laawusaaniyaatti deebi'ii gali, gamadi, waa'ee micichaatiif Waaqayyoon galateeffadhu.

Oo, eeyyee, inni Laawusaaniyaa irraa dhufe, dhugaadha achi irraa, naannoo haroo Chaarlesii dhufe. Sirrii dha. hubadhaa, ani amma waan isin yaaddan qabuun dabda'a. Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u!

70 Gaariidha egaa, ati waan gaarii tokko gaafachaa jirta, ati mucaa godhachuu barbaadda. Ati durumaanuu ijoollee qabda, ijoollee lama qabda, garuu kan biraa godhachuu barbaadda. Waaqayyo inni Waaqa irrraa waan ati barbaaddu siif haa kennu, obboleettii. Harka koo sirra kaa'uu waanan barbaaduuf, as kottu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, dubartii kanaaf waan fedha garaa ishee kenniif, sababiin isaa, inni kun waan gatii baasu waan ta'eef.

Amma egaa dhaqii mucaa godhadhu.

Waaqayyo, Waaqayyo gaarii ti. Isa kana in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Inni waan nu barbaachisu hundumaa beeka. Yoo amanne, Inni waan nu barbaachisu hundumaa nuuf in dhi'eessa. Inni, "Yoo dandeesse jettee!" jedhe.

71 Ani iddoo ta'etti harka si qabee nagaa si gaafadheera. Iddoon isaa eessa akka ture hin yaadadhu, garuu iddoo tokkotti harka si qabeera. Sirriittin yaadachuu dadhabe malee nuyi iddoo ta'e walii wajjin turre, har'a iddoo ta'e waliin turre, iddoo isaa hin yaadadhu. Garuu iddoo sanatti waa'ee waan amma dubbachuuf jennuu miti kan dubbanne. Ati as kan dhufte waa'ee nama ta'ee dubbachuuf, yookiin namaaf kadhachuuf, akkan nama ta'eef kadhadhuuf asitti argamte. Inni kun sirrii dha. inni as hin jiru. Inni dhukkubsatee Joorjiyaa jira. Inni foon isaa qofaadhaan dhukkubsata miti, hafuuranis inni dhukkubsataa dha; inni durbii keeti. Ati isaaf waan dhaabatteef jedhee Waaqayyo akka isa fayyisu in amantaa? In amantaa? As kottu mee walii wajjin kadhannaa.

Yaa Waaqayyo jaallatama, nama kanaaf waan fedha garaa isaa kenniif, innis immoo inni tarii asii yummuu deemutti namni kun Waaqayyoof boo'ee ka'ee ba'uu isaa haa argu. Isa kana maqaa Yesusiinan si gaafadhaa. Ameen.

Waaqayyo si haa eebbisu. Hin mamin. Garaa kee guutuudhaan amani.

72 Akkam jirta? Yeroo ati harka natti qabdee turtetti si qaqqabee harka qabee nagaa si gaafachuu hin dandeenye, yummuu ati harka diriirsaa turtetti waan ta'e tokkon hubachaa ture. Innis immoo gaaddidduu baay'ee dukkana'aa ta'ee dha. Yummuun harka kee qabetti waan kana arguun danda'e. Immoo kaanserii dha. Waaqayyo isa kana sirraa fuuchuu akka danda'u in amantaa? Inni harma kee gara bitaa keessa jira. Gara Kaalifoorniyaatti yummuu deebitu fayyuu keetiif Gooftaa galateeffachuu barbaadda, akkas mitii? Waanan jechaa jiru hubatteettaa? Mee in kadhanna.

Yaa Waaqayyo jaallatama, Maqaa Yesus Kristoosiin, namni amma fuula Kee dura jiru kun; Ijoolleen Buddeena Waaqayyoo nyaachaa turaniiru, mucaan kee kunis amanticha, Buddeena Waaqayyoo isa Ati fayyina isaatiif isaaf kennitu haa dhandhamatu. Inni fayyee nagaadhaan deebi'ee haa galu Maqaa Yesusin. Ameen.

Obboleessaa, Waaqayyo si haa eebbisu. Garaa kee guutuudhaan amani.

Akkam jirta?

73 Yeroon kun yeroo dinqisiisaa mitii? Sodaan ulfinaa waan saba kana irra bu'ee jiru fakkaata. Yookiin, akkan waa darbaa jiruutti sagaleen isaa gurra kootti dhaga'ame, [Obboleessi keenya Branhaam guddistuu Sagalee rurrukute.] "Shuf!" Sagalee shuf jedhu wayiin dhaga'e. Inni egaa Nyaata Ijoolleeti. Hubattanii? Inni kan keessani, Inni isiniif kan dhufe dha. Inni anaaf miti; isinnif malee. Ani yeroo kanatti, amma nama galataati, ani…hin barbaadu. Amman beekutti ani fayyaa kooti; garuu yeroo na barbaachisutti immoo inni anaafis buddeena naaf in ta'a. Inni Buddeen keessani dha. Inni jajjabina keessani. Inni isin warra hin dhukkubsatiinif immoo garaa keessan jajjabeessuudhaan fuula Waaqayyoo duratti in dhi'eessa.

Yeroon kun dhugaadhumatti Waqatii Inni kana gochuuf dubbate dha, "Akkuma bara Sodomitti ta'e, guyyoota dhufa ilma namaatti, guyyoota ilmi namaa itti mul'atutti akkasuma in ta'a." Hubattanii? "Kunoo, guyyaan koo inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhufin dura Ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga. Inni garaa namootaa gara Abboota isaaniitti in deebisa." Argitanii? Hubattanii?

"Yeroo sanatti warri qajeelonni warra hamoota daaraa ta'an koomee isaaniitiin in dhidhiitu." Guyyaan dhufu sun akka iddoo ibiddaa in guba, hubadhaa, lafti akka cidii in taati. Inni kun utuu gamasitti ta'uu in argina. Dho'iinsi volkaanoo guutummaa biyya lafaatti in babal'ata, bantii waaqaattis ibiddi in qabsiifama.

Oo, yaa Kattaa Jirataa, araara kee ammaa fi yeroo sanatti narratti diriirsi.

74 Akkam jirta? Waan tokko qabda, innis immoo rakkoo shamarranii, rakkina dubartootaa qabda. Rakkoolee kan biraas qabda. Baay'ee dhiphatta, umurii dhiphinni kun namatti dhufu irra geesseetta. Wanti hundumatuu yeroo isaa kan hin eegganne, wal dha'aa sitti ta'eera. Ati fedhii Hafuura Qulqulluun guutamuufis fedhii qabda. Inni kun sirrii dha. Rakkoon kee isa kana dha. Ati…in amantaa? Waan hundumaa afaan keetiin beeksifteettaa? Yoon harka koo sirra kaa'ee Waaqayyoon gaafadhee, Hafuurri Qulqulluunis dhufe in amantaa? [Obboleettittiin, "Eeyyee" jette.] Isa kana in amantaa? ["Eeyyee, gooftaa."] Mee in kadhanna.

Yaa Waaqayyo jaallatama, harka koo akkuma bartoota kee durii dubartii kana irra kaa'eera, cuuphaa Hafuura Qulqulluu akka isheen argattuuf sin kadhadha. Maqaa Yesus Kristosiin isheen Isa haa fudhattu. Ameen.

Isa hin shakkin. Utuu inni siif kennamuu in argita. Inni kan keeti. Inni Buddeena ijoolleeti.

Yeroon waa'ee "Rakkoo shamarranii" dubbadhetti wanti akka qoosaa wayii sitti hin dhaga'amnee? Sababiin isaa, ati akkuma ishee rakkoo kana qabda. Akka inni siif sirratuuf amma in amantaa? Dhaqi, Gooftaa galateeffadhu.

75 Akkam jirta? Garaa kee guuttuudhaan in amantaa? Akka kee kanaan duraatti deebi'ee nyaachuu nan danda'a jettee in amantaa? Tole egaa. Dhaqi, "Yaa Gooftaa, Si haa galatu. Isa kana nan amana" jedhi. Gooftaan nu gidduu jira.

Rakkinni kun sirraa deemee fayyaa akka taatu in amantaa? Tole egaa, "Yaa Waaqayyo Jaallatama Si haa galatu" jechaa dhaqi, Waaqayyo siif in deebisaa.

Fayyuu nan danda'a jettee in amantaa, Gooftaan si fayyisa; buusaa buusaa kee kan si nyaatu sirraa bade fayya qabeessa akka taatuuf in amantaa? Isa kana in amantaa? "Yaa Gooftaa, ani isa kana garaa koo guutuudhaan fudhee, isatti amaneera" jechaa, waa'ee Isaa yaadaa, dhaqi.

Isin warri ala jirtan hunduu Isa in amantuu?

76 Ati kan as jirtu kun, deemiitii dubartii sitti aantee taa'aa jirtu sana irra harka kee kaa'i, dhukkubni buusaa nyaatuu fi Vaariskos veeyinsi si gadi dhiisee in sokka isheedhaan jedhi. Yummuun isheen…?...

Waaqayyo si haa eebbisu. Fayyuuf deemtaatii amma amani. Gara mana keetii deemii… Waaqayyo si haa eebbisu. "Gooftaa Yesus Si haa galatu" jedhii, karaa kee dhaqi.

Akkam ati? [Obboleettittiin, "Gooftaan haa ulfaatu" jette.] Rakkoon dubartummaa sis dhiisee akka deemuuf in amantaa? ["Nan amana."] Fayyinni sitti dhaga'amaa jiraa?

["Yesus, Galatoomi."] "Yesus, Gooftaa si haa galatu" jedhii, dhaqi. ["Yesus, Si haa galatu."]

Akkam jirta? [Obboleettittiin, "Buusaa dhaganaatu wal na harkisa" jette.] Maaliif, Yaa anaa, Yaa anaa! ["Tooten"] Ani maqaa kee beeka. Yeroon achi ture… ["Tooten"] yeroon Waldaa Baaptistiitti Paasterii ture. ["Tooten."] Tooten. ["Deellaa Tooten."] Obboleettii koo, Deellaa Tooten. Ati amma dhukkubbii dugdaatiin dhiphachaa jirta. "Eeyyee sirrii dha."] Inni amma in fayya. Inni amma akka si fayyisu in amantaa? ["Eeyyee."] Waggootaan dura Miiltaawonitti waldaa Baaptistiitti waan ta'ee ture in yaadattaa? ["Eeyyee nan yaadadha!"] Inni har'as Waaqayyo isuma yeroo sanaati. [Oo, Yaa Waaqayyo si haa galatu!"] Obboleettii koo, Waaqayyo si haa eebbisu.

Joorji Raayit, eessa taa'aa jirta? Ni yaadattaa? Yaa anaa, akkamitti…

Ni amantaa, dibata kanaan yoon harka koo sirra kaa'e, nan fayya jettee in amantaa? As kottu. Maqaa Yesus Kristosiin isheen haa fayyitu. Ameen. Amantii qabaadhu!

Gaariidha egaa, isin hundumti keessan garaa keessan guutuudhaan in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

77 Amma egaa, inni kun akkam yaadannoo durii natti fide seetan, dubartii kana arguun koo! Ani amma iyyuu maqaa ishee hin qabanne, garuu… [Namni ta'e tokko, "Tooten" jedhe.] Tooten. Tooten, inni kun sirrii dha. yaada ofii kootii keessan jira jettenii hin yaadinaa, ani xiqqoo akka waan… Isa ibsuu hin danda'u.

Giiftii koo, dhukkubbiin dugda keetii sirraa badeera. Giiftaaf haa galatu, "Gooftaa, Si haa galatu" jechaa dhaqi.

Ati rakkoon onnee keetii akka siif fayyuuf in amantaa? ["Dhukkubsatichi, "Eeyyee" jedhe.] "Gooftaa Yesus Si haa galatu" jecchaa, ililchaa, dhaqi. Amanis. Tole egaa. Amma amantii qabaadhu. Hin mamin.

Kottu, giiftii koo. Garaa kee guutuudhaan in amantaa? Ati rakkoo baay'ee keessa jirta. Atis dhibee dugdaa qabda. Waaqayyo amma akka si fayyisu in amantaa? Tole egaa, ililchaa dhaqi. Inni akkas si gochaa jiru Isa dha. Gooftaa galateeffadhu. Obboleettii koo, Waaqayyo si haa eebbisu.

78 'Hi' Soonii. [Sooniin, "'Hi!'" jedhe.] Waaqayyo dhibee mucaa sanaa in fayyisa jettee in amantaa? Isa kana in amantaa? Tole egaa. 'Hi', Aboo, mee harka keen na qabi.

Yaa Waaqayyo jaallatama, waan ahamaa kana mucaa xinnaa kana keessaa baasi, innis jireenya noormaalii ta'e haa jiraatu. Maqaa Yesusiin. Ameen.

Obboleesso, Waaqayyo si haa eebbisu. Isa kana in amanta, hin amantuu? Guutummaatti fayyin argadhu. Raawwattee hin mamin.

Daa'imni kun dhibee onnee hamaa ta'e qaba. Waaqayyo akka si fayyisu in amantaa? [Dhukkubsatichi, "Eeyyee" jedhe.] "Yaa Gooftaa waan na fayyifteef sin galateeffadha" jedhii, dhaqi.

Waaqayyo rakkoo garaacha keetii irraa akka si fayyisu in amantaa? "Gooftaa Si haa Galatu" jechaa, ililchaa dhaqi.

Inni amma iyyuu Waaqayyo dha, akkas mitii? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Wanti tokkichi ati gochuu qabdu amanuu qofaa dha. inni kun sirrii mittii? Ilma namaa bara dhumaatti in amantaa?

79 Daqiiqaa muraasa dura waan ta'e tokkotu asitti ta'ee ture, anis hin dandeenye… iddoo kamitti akka ta'e baruuf yaalaan jira. Namni ta'e tokko amantii qabuun waan ta'e tokko godhee jira. Yookiin, Sambata itti aanutti, yookiin yeroon danda'utti adda nan baafadha. Situ… Kuunnoo ammas achi jira. Harka kee ol qabi. Waaqayyo dhibee onnee sana akka fayyisu in amantaa, akka si fayyisu, intala kees Waaqayyo fayyisuu akka danda'u… In amntaa? Aadde Niif, waaqayyoon in amantaa akka… Li'oo Niif. Ani si hin beeku, garuu maqaan kee akkasi. Ati dhukkuba onnee qabda, intalli kee isheen xiqqoon immoo dhukkuba kalee qabdi. Isheen akka fayyuuf jettu in amantaa? Amantiin kee hundumaa siif raawwachiiseera. Garaa kee guutuudhaan amani.

Ati inni duuba sanaa bishaan cuuphaaf qophaa'ee bira dhaabachaa jirtu, dhukkuba garaachaa qabda. Yesus Kristos si fayyisa.

In amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Inni kaleessa, hara'as bara baraanis isuma sana. Amma tokkoon tokkoon keenya harka walii walii keenyaa haa qabannu. Oo, mee sa'aatii amma keessa jirru kana yaadaa, mee waa'ee yerichaa yaadaa. Nuyi Fuula Mul'achuu Yesus Kristos, Ilma Waaqayyoo dura akka jirru baraa. Isa kana bara dhumaatti akka raawwatu Inni nu abdachiiseera. Amma harka koo Maarramaa asitti walitti qabame kana irran kaa'a.

Yaa Waaqayyo jaallatama, karaa Maarramaa kanaatiin fayyisuu keetiin dhagna namootaa akka eebbiftuuf Maqaa Yesus Kristosiin sin kadhadha.

80 Amma egaa, harka walii walii keessanii qabdanii jiraachuu keessaniin, hundumti keessan miseensa dhagna Kristos taataniittu. Hafuurri Qulqulluun innumti dhoksaa garaa namaa bakkeetti baasuu fi innumti wantoota kana gochaa oole, isin keessa jira. Inni dhagna keessani, isins dhagna Isaati. Egaa amma, inni akkas jedhe, "Milikkitoonni kun isaan biratti in argamu" jedhe. Innis immoo isini. "Iaan harka isaanii dhukkubsataa irra yoo kaa'an, dhukkubsattoonni in fayyu" jedhe. Amma ofii keessaniif hin kadhatinaa, nama harka isaa qabdanii jirtaniif kadhadhaa malee, sababiin isaa, isaan isiniif kadhachaa jiru waan ta'eef. Amma walii wajjin haa kadhannu, mana keessa namni dadhabaan hin jiraatin. Maaliif hanga kana eegna, obboleessa koo jaallatama, obboleettii koo, Inni kunooti, Hafuurri Qulqulluun, Waaqayyo, Inni nuyi waa'ee Isaa haasa'aa turre kunoo as nu gidduu jira.

81 Yaa Yesus jaallatama, Nu gidduu Jiraachuun Kee nutty beekamaa jira. Guyyaa sanatti mucaa du'e sana, erga inni du'ee booda kadhata amantiitiin deebi'ee akka jiraatu goote. Yaa Waaqayyo jaallatama, namoonni nuyi gabaabina yeroo irraan kan ka'e bira ga'uu dadhabne baay'eetu nu gidduu jiru, garuu harka walii walii isaanii qabanii jiru. Isaan warra sitti amanani dha. Nuyi Fuula Gooftaa Yesus Kristos, Isa du'aa ka'e, Isa kaleessa, har'as bara baraanis Isuma sana ta'e dura teenyee jirra.

Yaa Seexanaa, ati injifatamteetta! Yesus Kristostu si injifate! Inni du'aa ka'ee galgala kana nu gidduu dhaabatee Ergaa bara dhumaa kanaaf ergame dhugaa ba'aa jira. Namoota kana keessaa ba'i! Maqaa Yesus Kristosiin gadi isaan dhiisi! "Maqaa kootiin Hafuurota hamoota ifatanii in baasu" jedha, ati ifatamteetta. Maqaa Yesus Kristosiin walga'ii amantootaa kana gadi dhiisii ba'i!

82 Hundumti keessan warri fayyina argattan, ol ka'aatii miilla keessaniin dhaabadhaa. Warri fayyina argattan hundi keessan, ol ka'aa dhaabadhaa. Harka keessan ol qabaatii galata Isaaf dhi'eessaa!

"Amma fayyina koo argadheera" jedhaa Waaqayyoon. Amma fayyina koo argadheera. [Amantoonni, "Amma fayyina koo argadheera" jedhan.] Yaa Kristos, Ati kaleessa, har'as bara baraanis Isuma sana. ["Yaa Kristos, Ati kaleessa, har'as bara baraanis Isuma sana."] Ani amma Sin amana. ["Ani amma Sin amana."] Amanuu dadhabuu kootti na gargaari. ["Amanuu dadhabuu kootti na gargaari."] Ameen. ["Ameen."]

Ol olin Isa qaba, Ol olin Isa qaba,

Hoolicha cubbamootaaf qalame ol ol qabi;

Ulfian Isaaf kenni, yaa saba hundaa,

Dhigni Isaa xurii nama hundaa miicheera'oo.

Isa in jaallattu mitii? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Akkas taanaan Isa haa galateeffannu kaa. Hundumti keessan haraka keessan utuu ol qabdanii Waaqayyoon galateeffattanii, obboleessi keenya dhufee sagantaa keenya guyyaa har'aa nuuf xumura.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

William Marrion Branham

*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*